# Koola Gugee Adii Akka Cabbii Irratti

Shreveport, Louisiana USA

65-1128E

1 Mataa keenya gadi haa qabannu.

Yaa Gooftaajaallatama, abdii Sagalee dhufaatii Gooftaa Yesusiif galgala kana Sigalateeffanna, achitti wal ga'ii guddaa isa wal ga'iin isaa addaan hin cinne inqabaanna, achitti gammachuu fi faarfannaandhaan bara dhuma hin qabne isadhufuuf jiru keessatti ol ol Si qabna. Eebbi Kee galgala kana wal ga'ii kanairratti akka dhufu Si kadhanna. Ebbi Kee galgala kana godoo qulqulla'aa kanairratti, Istaafii isaa irratti, Paasteroota isaa irratti, hojjettoota isaairratti, itti aanaa Paasterootaa irrattii fi amantoota hundumaa irratti akkadhangalaaftu Si kadhanna.

Yaa Gooftaa, isaan kana akka eebbiftu Si kadhanna, warra wal ga'iikanattii hirmaachuuf maayilii hedduu qaxxaamuranii dhufan eebbisi, yeroo isaanmana isaaniitti deebi'uuf karaa irra bu'anitti irree araara Kee isaan irraqabi. Isa Si kadhanne nuuf dhaga'i, yaa Gooftaa. Kana caalaa daddaballee iddoomana Waaqayyoo jedhamu kanatti Si Waaqessuuf akka wal geenuuf nu gargaari. YaaGooftaa, warra galgala kana karaa bilbilaa dhaggeeffataa jiran eebbisi. Namnihin fayyina lubbuu hin argatin jiru galgala kana Fayyisaa lubbuu isaa Isa ta'eYesus Kristosin haa argatu; yaa Abbaa, warra dhukkubsatanii fi warra rakkoogaraa garaa qaban fayyisi, garbichi Kee tajaajila hafe dabarsee Sitti kennaajira, Maqaa Yesusin. Ameen!

2 Gooftaan tokkoon tokkoon keessan haa eebbisu. Galgala kana asittiargamuu kootti baay'een gammada. Amma yeroo obboleessi keenya Erni'een faarfannaaisaa, Koochoo Gugettii Irratti jedheefaarfate, gara xumuraa irra yeroo inni ga'ettin ol seene. Dhugumaan walaloomiidhagaa dha, dhugumaan miidhagaa dha, akkasumas waan yeroo isaatti ta'e dha.Kanaaf amma, nuyi guddisfnee in galateeffanna.

Namoonni galgala kana guutummaa biyyaa keessatti bilbilaan nudhaggeeffachaa jirtan, utuu warra asitti eeggachaa jiran, warra fuula isaaniiirraa dhimmanii eeggachuun mul'ataa jiru kana, warra galgala kana wal dhiibaniimana kan keessa taa'anii jiran kana keessaa tokko taatanii yeroo dinqisiisaakana qabaattanii hawwii koo ture.

Obboleessa keenya Jaak Moore fi obboleettii keenya Moore,akkasumas obboleessa keenya No'el, obboleessa keenya Bootili'er, obboleessakeenya Braawun, hawaasa as jiru hundumaa, guutummaa Waldaa kanaa, istaafiihundumaa ammas deebitanii waan nu afeertaniif isin galateeffachuu barbaanna.

3 Inni…ture. Dhugaadhumatti….waan akka…waan wal irra bu'e dha jechuuhin dandeenyu, inni kun salphaadhumatti hojii harka Waaqayyoo ti. Obboleessiyeroo darbe keessa abjuu tokko abjoote as jira, waa'ee waan ta'aa jiru kanaa,"Ati kofoo adii fi kophee Amerikaanota durii uffattee dhaabatta turte" naanjedhe. Inni kun immoo dhugaadhumatti yummuun wal ga'ii kanaaf obboleessa keenyaJaakiif bilbile akkaataan itti dhaabachaa ture dha, dhibbaa dhibbatti akkumainni jedhetti ture, (Kaarson, Koloraadootti) kophee Amerikaanota durii fi kofooadii warshaan 'Levi' oomishe uffadheen dhaabadhan ture; obboleessa keenyaLi'oo, yoo na dhaggeeffachaa jirta taate, daqiiqaa muraasaaf si wajjin walargeen ture. Kanaaf iddoon dhaloota wal ga'ii kanaa iddoo sana dha.

4 Ammi galgala Dilbataa ti; baay'een keessan gara mana keessaniittideebitanii galuuf halkan kana guutuu akka konkolaachiftan, kaan keessan immooobor ganama akka konkolaachiftan nan beeka. Adeemsa kokolaataadhaan guyyaa lamanatti fudhatutu fuula koo dura jira. Kanaafis yeroo dheeraa isin hin tursinu.Isa kanas akkuma galgala durii sana gochuufan yaala, akkuma galgala isawaggootaan dura obboleessi keenya Braawun, obboleessi keenya Jaakii fihundumati keenya dhukkubsataaf kadhachaa turre sanaatti, har'as warradhukkubasataniif bifuma yeroo sanaatiin in kadhanna.

Egaa amma, duuba sana warri jirtan na dhaga'uu ni dandeessuu?Sagalee maayikii kanaa gadi xiqqeesseen itti fufa, sababiin isaa, natti korrisewaan ta'eef.

5 Kanaaf…nan barbaada. Waan xiqqoo tokko, waan xiqqoo akka tasaata'e kanan isinitti hima. Maal jennaan, yeroo muraasa dura waa'ee obboleessatokkoo, waa'ee nama damee amantummaa keessaa ba'e tokkoo natti himaa turan,inni tarii amma wal ga'ii kana keessa jira ta'a; inni waa'ee Ergichaa dhaga'uu barbaadee garaShireveport dhufaa ture. Wal isa dha'ee ture, iddoo inni itti argamu baruudadhabe, kanaafis walakkeessa magaalaatti gadi bu'e. Namoota walitti qabamaniijiran argee, "Iddoon kun iddoo Biilii Branhaam itti lallabuu?" jedhee gaafate.

Namichi immoo, "Lakki, kun iddoo Biilii Grahaam bifa fiilmiitiinitti lallabu dha" isaan jedhe.

Inni immoo, "Tole egaa, nan gadda, iddoo dogoggraan dhufe" jedhe.

Achi keessaa nan ba'e jedhe, inni, "Yaa Gooftaa, amma eessandeemuu danda'a an?" jedhe. Daandii guddaa kana qabadheen ol deemuu akka jalqabedubbate. Maal akka ta'e ani hin beeku, ol gubbaa dhuma kana irra waldaa guddaatokkotu jira. Daandii Teksaas irra deemaa jira. Fiixee waldichaa irras fannooadii

guddaa tokkotu jira ture. Gooftaan isatti dubbachuu isaa himee,'"Kallattiidhaan deemsa kee itti fufi'" isaan jedhe. Akkas jedhe…yummuu inniachi ga'utti…ture. "Tole, iddoon isaa as ta'uu qaba, konkolaataa hedduutu achidhaabatee jira" jedhe. Yeroo sanatti"Misirroo fi dhirsi misirroo Waldaa keessaadeemaa gadi ba'aa turan" jedhe. Inni kun halkan kaleessaa ti, cidha gaa'elaatuture, utuu isaan gadi ba'aniin arge. Gooftaan, "Amma egaa, hiikkaan isaa kunooti. Ati damee amantummaa keessaa baatee Misirrottiitti dabalamuudhaan DhirsaMisirroo wajjin in deemta" jedhe. Hubattanii? Hubattanii?

6 Yummuu karicha qabannee gadi dhufaa turretti, akkuma nuyi isattidhi'aachaa dhufneen, attamitti akka jiinii fi urjiin kallattiidhaan fiixeefannoo sanaatti rarra'ee akka jiru haadha manaa koo hubachiisaan ture. Wantixinnoon ani ilaalaa ture sun, tarii amantiin Waaqayyo irraa qabuu fi Ergamatajaajila kootiif kan deeggaru dha jedheen tilmaama.

Galgala kana waa yaadaan ture, Tuuksan keessatti, inni Viikter LiDooksi irratti kan raawwate dha, inni nama Faransaayi yoo ta'u…Inni makaa kanhin qabne nama Faransaayii ti. Guyyaa biraa yeroon damee amantummaa fi Kritaanummaadhugaa gargar baasee barsiisaa turetti, isa kana isinitti himeera jedheenamana. Namichi waldaa damee amantii Pheenxeqoostaalii beekamaa tokko keessadhufe waa'ee kanaa irratti haasawaa gabaabaa naaf godhee ture.

Daanii Heniriinis akkasuma, inni durbii taatoo urjii fiilmiihojjetuu tokkooti, inni Baaptisii irraa kan dhufe ture; inni gara waltajjiittifiigee, harka isaatiin na hammatee, "Obboleessa koo Branhaam, kun waanqulqulla'aa rakasiisuu ta'ee akka hin dhaga'amne nan abdadha, inni kun Mul'ataboqonnaa 23ffaa ta'uu kan danda'u dha" naan jedhe. Itti fufee yeroo waan kanbiraa tokko dubbachuu jalqabetti, inni afaan haaraatiin dubbachuu jalqabe.

Kunis, namoonni Faransaayi sadan… Dubartiin Faransaayi tokko (dubartiiguddoo lafee babal'attu, bifti ishee magaala, nama Laawusaaniyaa irraa dhufte,tarii galgala kana sa gidduu teessee jirti ta'a) waan inni jedhe cittuu waraqaairratti barreessitee turte. Yeroo sanatti Vikter Li Dooksi, tajaajilaan tokko,waanuma wal fakkaatu barreesse; isaan waan barreessan sana wal bira qabanii walmadaalchisaa turan. Namni mataan ifaa tokko (rifeensa akka dhiilgee wayii kanqabu) duubaan fagaatee dhaabata ture, hamma danda'utti duubaa dhiibbatee,yaadannoo barreeffame sana ilaaluudhaaf ol dhufe. Inni Dhaabbata MootummootaGamtoomaniitti turjumaana afaan Faransaayii ti. Yaadannowwan bareeffamansadanuu tokkuma turan.

Innis akkas jedha:

Sababa ati karaa isacimaa kana filatteef…Ati isa filatteetta, ati kan fudhatte…filannoo ofiikeetiitiin isa falatte.

Eeyyee isa kana inbeekna. Museen filannoo ofii isaa qaba ture.

Akkas jedha:

Inni kun karaa dhugaafi isa sirrii dha, sababiin isaa inni KARAA KOOTI. Maal murteen ulfina qabeessiati murteessite kun!

Akkas jedha:

Sababii kanaaf, qoodiga'ee guddaa Waaqa irraa si eega.

Inni kunis immoo ofiisaatii in hojjeta, injifannoo guddaan Jaalala Hoodaa keessatti dhufee akkata'u in godha.

Sadanuu tokkuma turan. Galgala kana Macaafa Qulqulluu koo keessaabarreeffama isa jalqabaa qaban se'e (isa keessatti argeen ture, garuu nan dhabe).

7 Daanii Heniriin…hin beeku, inni Faransaayiffa dhiisaatii Ingiliffaiyyuu akkuma koo akka gaariitti hin beeku. Achi keessatti hubattaniittu yoota'e, inni akka bareeffama Faransaayiffaa ti, isaan xumura ibsa xumuraa duragalchanii barreessan. Egaa hiikkaan barreeffama sadanii dhibbaa dhibbatti walfakkaata.

Daanii Heniriin yeroo muraasa darbe keessa, inni…hojjete. Daaniintarii galgala kana nu dhaggeeffataa jira ta'a. Tarii Victer Li Dooksisakkasuma, sababiin isaa, Tuksan keessa jiraachaa akka jiru nan hubadha. Isinnamoonni Tuksan warri waldaa keessa jirtanis, mana Sagadaa keessaa warrijirtan, Mana Sagadaa Tuksan iddoo obboleessi keenya Griin Paasterii ta'e keessakan jirtanis dhaggeeffachaa jirtu ta'a; obboleessa koo Victer Li Dooksi, ammasa'a kanatti miiljalee Karaa Paark karaa gara Daandii 80tti geessutti dunkaanakeessatti walitti qabanii jiru. Bor galgala fi galgala itti aanutti, hamma inniachi jiru kamitti iyyuu, achi deemiitii dhaggeeffadhu; Daaniinis tarii isaawajjin jira ta'a. Tarii galgla kana mana Sagadaa sana keessatti dhaggeeffachaajiru ta'a, ani hin beeku.

8 Daaniin sana booda gara Yerusaalem deeme, inni boolla awwaalaa…dhagaa gangalfamu isa Yesus keessa ciibsamee ture, iddoo reeffi Isaa utuu du'aahin ka'in dura keessatti awwaalame keessa ciisaa akka

ture nutti hime. Akkanatti himetti, wanti deddeebi'ee gara sammuu isaa dhufu ana ture; yeroon isaayeroo dhumetti, boo'aa adeemee achi keessaa akka ba'e natti hime. Inni namakaraa isa qajeelchu qabaachuu isaatiin…Inni nama dhagaa irraa waa bocu ture;nama saaxinii reeffaa dhagaa irraa bocu ture jechuu koo ti. Iddoo fannoon gadiitti buufame jedhanittin deemeen achuma rafee…qiraacii dhagaa xiqqoo tokkofolloqfadheen… jedhe, oo, waan akka squweerii iinchii tokkoo ti; isa boorsaaisaa keessa kaa'ee fuudhaa gara manaatti galuutu keessa isaatti dhaga'ame.

Yeroo inni kana godhetti, wanti ta'e tokko, "Obboleessa,Branhaamiif qulfii shamizii cimdii tokko isa irraa hojjedhuuf" isaan jedhe.Kanaaf inni asiidii keessa isa keenyaan, dhagaa bifa adii qabu irraa garadhagaa bifa dhiigaa qabuutti jijjiirame. Qulfii shamiziis isa irraa in hojjete.

Inni yeroo natti kennetti isa hin hubanne, garuu gidduu qulfiwwansana lamaanii karaa qal'aa qajeelaatu deddeebi'a ture. Warra dhukkubsataniifittiin kadhachuuf qulfiwwan sana har'a uffadheen jira. Hubadhaa, inni dhgaabifa dhiigaa qabu dha, dhiiga jiidhaa kan fakkaatu dha; sarara dhiphaa fiqajeelaatu keessa darba. Kallattiidhumaan waan raajiidhaan, "Karaa qajeelaa fikaraa dhiphaa" jedhamee dubbatame dha; hubadhaa, raajiidhaan dubbatame. Isakana isatti agarsiiseera.

Daanii, ati yookiin obboleessi keenya Li Dooksi, isin lamaankeessaa namni tokko, yoo na dhaggeeffachaa jirtu ta'e, galgala kana akkuma duramaleeffatame sanatti warra dhukkubsataniif kadhachuuf jirra. Ani karaaqajeelaa irra, karaa dhiphaa irra, karaa Wangeelaa irra, karaa Sagalichaa irra,Gooftaa Yesus Kristosii wajjin deemuu kootti nan gammada.

9 Waaqayyo hunduma keessan haa eebbisu. Egaa amma, itti dubbachuudhaafnamoota gaarii taatani dha, yeroo dheeraa fudhee waanan isinitti dubbadhuufisinis yeroo dheeraa as akka turtan nan barbaada. Biiliin akka natti himettinamoota dhibba sadii fi dhibba afur gidduu jirantu akka isaaniif kadhatamubarbaada, kanaafis hamma danda'ametti era keenyaa wajjin ariifadheen sana boodawarra dhukkubsataniif kadhanna.

Ammaa, namoonni Arizoonaa, Sambata dhuftu galgala, nuyi achitti(maqaan magaalaa sanaa gokumaa naaf hin qabatamu) Yumaa, Arizoonaatti walittiqabama afeerraa irbaataa irratti in argamna. Sana booda kaalifoorniyaa, ittiaansuudhaan Dilbata ganama Loos Aangeles iddoo akka itti argamnuuf raagamettiin ceena.

Galgala kana, Caaffata keessaa mata duree baasuun barbaada.

10 Utuu haasofnuu, har'a kaafteeriyaa keessan taa'an ture,kaafteeriyaa Moori'oon keessa; Obboleessa keenya Jaak, haadha manaa isaa, anaafi haadha manaa koo taanee. Yeroo xiqqoodhaaf waliin haasa'uudhaa gara kaaffeeMoori'oonitti ol baane, ta'uus garuu dafnee ba'uu hin dandeenye, dubartoonnilamaan takkaa wal arganii hin beekan. Namichi dargaggeessi tokko gara kootti oldeemee ture, maqaan isaa Griin jedhama, inni abbaa obboleessa keenya Pii'eriiGriinii ti. Egaa inni, "Beektaa, obbolessa koo Branhaam, ati galgala tokkowaa'ee 'joonii piin (johnny pin)' dubbachaa turte" naan jedhe. Inni kundhugaadhumatti…Inni maali? Boobii piini (Bobby pin) dha. Inni, "Ati waa'ee'Joonii piinii' dubbachaa turte" naan jedhe. "Isin 'Joonii piinii' taataniittu"kan jedhu natti kenne.

Egaa, yaa shamarranii, inni kun "Joonii piiniin" dha, innis immoorifeensa mataa wajjin kan wal qabatu miti. "Joonii Piiniin" fuula MacaafaQulqulluu gadi galagalchee qabachaa ture jedhama. Kanaaf inni, Ani 'jooniipiinii' isa dhugaa siifan kenna" jedhe. Kanaafuu, obboleessa koo Griin, yooiddoo kana jirta ta'e yookiin iddoo ta'e tokkoo dhaggeeffachaa jirta yoo ta'e,"joonii piinii" kan jedhamu, dhiira waa'ee uffata isaa fi waa'ee bareedinaisaatiif dhiphatu (dandy) jechuu dha, kun sirriitti isa ibsa.

11 Amma kallattiidhaan gara Caaffatootaatti darbuu barbaanna. Anaa wajjin Macaafa Faaefannaa akka banattannan barbaada, akkasumas Wangeela Maatewos boqonnaa 3 itti aansitanii inbaafattu. Barsiisi koo har'aa mata duree obboleessa keenya Erni'esii ti: Koola Gugee Adii Akka Booralee Irra kanjedhu ta'a. Ammaa, yaadannoo koo fi Caaffatootan as irratti qabadhe hundumaarurrukutuun barbaada, sababiin isaa, kaan isaanii irra akka utaaluun ta'a waanta'eefi, kunis immoo sababii adaraan ergichaa natti kennameefi dha.

Yoo fedha Gooftaa ta'e, Sambata itti aanu galgala Yuumaatti, Haaldurewwan Ol Butamuu, kan jedhuirrattin lallaba, kunis yoo fedha Gooftaa ta'e dha.

12 Macaafa Faarfannaa 53 keessatti…Dhiifaman isin kadhadha,Faarfannaa 55 dha.

YaaWaaqayyo, gurra kee… (Irran deebi'aa? 55, eeyyee, obboo.)

YaaWaaqayyo, gurra kee gara kadhata kootti qabi, himata koo jalaas hin didin!

Ati ana dhaggeeffadhuu anaaf deebisi!Dhubeen koo na joorsee nagaa na dhowweera.

Diinonni anatti in iyyu, namoonni jal'oonnigad na qabu, isaan badiisa na irratti in fidu, aarii isaaniitiinis diina anattiin ta'u.

Keessa kootti lapheen koo in sirba;naasuun du'aas ana irratti lafa in dha'e.

Sodaaniifi rom'i na qabatan, pherpheramnis guutummaatti na raase.

Utuu ani akka gugee baallee qabaadhee,balali'ee iddoo tokko nan boqodhan ture.

Silaa illee jalaa baqadhee achisfagaadhee, lafa namni hin jirre nan bubbulan ture. Selahaa. (Selahaa 'Selah' jechuun, Ameenjechuu dha.)

13 Daawit, jaallataan lafa onaa, yummuu namoonni isa amanuu diduuisaaniitiin dhiphinni isa qabate, yummuu diinonni isatti ka'anitti, "Utuunbaallee Gugee qabaadhee, silaa balali'ee iddoo namni hin jirre, lafa onaa nanbubbulan ture" jedhe. Yeroo meeqan waanuma kana yaade laata! Ani qawwee koo fikorojoo dunkaanaa koo keenyan irraa butadhee gara lafa onaatti badnaan,raawwadhee as hin deebi'u. Guyyaa… sana akkan arguu danda'uuf Gooftaakadhadheera. Ani raawwadhee sirna awwaalchaa hin barbaadu, ani, "Yoon bosonaiddoo ta'e tokkoo deeme, 'Blondie' (dubartii warra adii kan rifeensa bifakeelloo qabdu jechuu dha,) koo mukatti hirkisee teessisee,…n" jedhe.

Inni qawwee kooti, dhiifama naaf godhaa, isa kana dhaadha manaakoo achi teessee jirtu bakka bu'een dubbadhe. Beektuu, qawwee sana obboleessatokkotu waggootaan dura naaf kenne, wal dorgommii adda keessa buusuu irrattiutuun tokkosee hin dhabin shantamii shan adda keessa buusee ajjeeseera, kaanisaanii fageenya yaardii dhibba torbaa hanga dhibba saddeetii irrattin rukute.Ani "Biloondee (Blondie)" jedheen waama, sababiin isaa, haati manaa koobirunettee (brunette) dha. 'Brunette' jechuun dubartii warra adii kan rifeensimataa ishee ishee bifa bunaa qabu jechuu dha, kanaaf isheen ana caalaattiqawwicha yaadda naan jette. Garuu…

Kaanfuu, utuun mukatti akka isa hirkisuu godhee, "Yaa Gooftaa,guyyaa tokko Jooseef isa haa fuudhu" jedhee natti tola ture. Utuun baalleegugee qabaadhee balali'ee badee, nan jaalladhan ture.

Garuu akkuma joobira isa guyyaa tokko ilaaalaa turee ti, utuu innibalali'ee sokkuu ilaalaan ture (Seenaa koo waa'ee isaa ni beektu), "YaaGooftaa, iddoo kanatti argamuun attam gaarii dha; akkuma Phexros, 'godoo sadiiin ijaarra' jedheen ta'e. Garuu tullicha miil jala warra dhukkubsatanii fiwarra rakkoo garaa garaa qabantu dhimmee eeggachaa jira, warra badanii fi warradu'aa jirantu eeggachaa jiran" jedhe. Kanaafis kottaa guyyaan jiruu waanhojjechuu qabnu haa hojjennuu, guyyaa tokko immoo koochoon Joobira adii gadi indhufa, Inni nu baatee in sokkaa.

14 Maatewos 3:16 keessatti, lakkoofsa 16 fi 17 dubbisuun barbaada.

Yesuscuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba'een, kunoo bantiwwan waaqaa hundinuuisaaf banaman; achumaanis Hafuurri Waaqayyoo akka gugeetti gadi dhufee isa irrabu'uu isaa in arge.

Kunoo, Sagaleen immoo, "Inni kun Ilma kooisa jaallatamaa dha, gammachuun koos isatti in raawwatama (karaa biraatiin, "Gammachuun koosisa keessa buufachuutti in raawwatama" jechuudha," jedhee waaqa irraa in dubbate.

15 Amma egaa daqiiqaa muraasaaf simbira kana irratti akka waliindudubbannun barbaada. Gugeen yeroo hubdumaatiif wantootan baay'ee jaalladhukeessaa tokko. Waa'ee gugee yeroon yaadu, gugeen dhugaadhumatti…gugee sookkeen (Pigeon)nisakkasuma. Gugee sookkeen gugee madaqfamte dha. Isaan lachanuu maatii tokko.Galmee jechootaa irra ilaalee mirkaneeffadheera, isaan maatii tokko. Gugeesookkee fi gugeen, isaan lachuu maatii tokko. Amaloonni simbirroota kanaabaay'ee kan namatti tolu dha.

Waggaa muraasa dura, wal ga'ii dunkaana keessatti obboleessakeenya Mooree wajjin bakkee kanatti qopheessine irratti, mata duree, Hoolichaa fi Gugettii, jedhu irratti lallabeen ture. Gugeen simbira nuyi qabnukeessaa attam hunda irra qulqulluu akka taatee fi hoolaan beellada jirankeessaa hunda irra attam garraamii akka ta'e dubbachuu koo, hundumti keessan inyaadattu jedheen yaada. Isaan lachuu simbraa fi beellada aarsaa sababiicubbuutiif dhi'aatani dha.

16 Iddoo kanatti Yesus Hoolaatti fakkeeffamuu fi Waaqayyo Gugeettifakkeeffamuun attam bareeda. Gugeen waangoo irra hin qubatu, akkaataan uumamawaangoo sirrii miti, Gugeen saree irra qubachuu hin danda'u, akkataa uumamasareetu sirrii miti. Gugeen hoolaa irra qubata; akkataan uumama lamaan isaaniitokko waan ta'eef. Inni kunis immoo akkaataa nuyi ta'uu qabnu dha, akkataanuumama keenyaa cubbamaa aadu irraa gara garraamummaa hoolaatti jijjiiramuuqaba.

Hoolaan Gugeedhaan akka geggeeffamu beektuu? Qalbeeffadhaa, Hoolichiwaan qabu hundumaa Gugettiidhaaf dabarsee kenne. Gugettiin garamitti akka Isageggeessite immoo ilaalaa; gara cubbuu hunduma keenyaatiif fannifamuutti Isageggeessite.

Egaa amma, Gugeen…Waaqayyo Ilma Isaa bineensa biyya lafaa kanairratti argamu keessaa isa hundumaa irra qulqulluu fi hundumaa irra garraamii,uumama lafa irraatti Isa fakkeesse; Waaqayyo garuu Ofii Isaa bantiwwan waaqaairratti Simbira simbirroota hundumaa irra qulqulluu fi garraamii taate gugeettiOf fakkeesse.

17 Egaa, gugewwan gosa garaa garaatu jiru. Yeroo baay'ee gugee horaaisheen jedhamtu gugee bifa arrii mataa qabdudha. Kana malees gugeen 'Sonora'jedhamtu jirti, isheen gugee madaqfamte yummuu taatu bifti ishee akka bifaarrii mataa kan qabdu dha; hammaan xiqqoo kan taatee fi sarara diimaa koochooishee irraa kan qabdu dha. Gugewwan gosti garaa garaa kan jiran yoo ta'u,garaagarummaan isaaniis bifa halluu isaan qaban irratti kan hundaa'e dha. Gugeesookkee kan jedhamanis garaagarummaan isaanii haaluma kana irratti kanhundaa'ee dha.

Egaa, akkaataan caasaa ijaarsa gugee baay'isee adda kan ta'e dha,sababiin isaa, waan qulqullina hin qabne nyaachuu diduun amala isaa ti; inniraawwatee waan akkasii hin godhu, sababiin isaa, ini isa kanaaf hin ijaaramne.

18 Egaa, ani yeroo baay'eedhaaf waa'ee gugeen milikkita Waaqayyota'uu fi qurruun immoo milikkita warra Waaqayyo malee jiraatanii ta'uudubbachaa har'a ga'eera. Qurruun raqa du'ee guyyoota baay'ee ture irra qubateein nyaata, achi irraa ka'ee gara dirreetti balali'uun immoo gugee wajjinqamadii nyaata. Gugeen garuu qamadii akka gaariitti nyaata, garuu raawwateeraqa du'aa hin nyaatu. Hubattanii? Inni kana gochuu hin danda'u, inni garaachaitti isa nyaatu hin qabu. Maaliif akka inni raqa hin nyaannetu na ajaa'iba;isaan lachuu koochoo qabu, lachuu gosa simbiraa ti. Garuu maaliif? Akkaataacaasaa ijaarsa isaaniitu gargari.

Egaa Kristaanni dhugaanis akkasuma. …tokko. Kristaanni dameeamantiitti hidhamee jiraatu waan kamuu ofitti fudhachuu danda'a, garuuKristaanni dhugaan, Kristaanni lammata dhalate, wantoota biyya lafaa irraa hinsooratu. Inni haala adda ta'een kan ijaarame dha.

19 Akkan qoradhee mirkaneeffadhetti gugeen hadhuuftuu hin qabu. Gugeenhadhooftuu of keessaa hin qabu, sababiin isaa, inni isa hin barbaachisu waanta'eefi.

Kristaannis akkuma gugee ti, inni hadhooftuu hin barbaadu, hubadhaa,sababiin isaa, inni Nyaata Waaqayyoo qofa nyaata waan ta'eef. Nyaatichabulleessuuf immoo hadhooftuu kam illee isa hin barbaachisu; inni jaalala inqabaata, hubadhaa, kanaafis inni…nyaaticha bulleessuuf. Hadhooftuu; "Oo,"isaan, "Tole gaarii dha…" isaan Isa irraa adda. Garuu jaalalli yeroo hundumaaIsa in simata, innis immoo Sagalee Waaqayyoo ti.

Egaa inni hadhooftuu of keessaa hin qabu, kanaafuu inni…hindanda'u, inni waan gadhee ta'e kamuu nyaachuu in morma. Inni yoo waan gadheekana yoo nyaate isa in ajjeesa. Inni isa hin nyaatu waan ta'eef balaan isa irrahin ga'u (Uhuhhuu), sababiin isaa inni fedhii nyaataa isaaf hin qabu.

20 Kristaannis akkasuma ta'uu qaba. Kristaantti cubbuun lakkaa'amutokko illee akka hin jirre beektuu? "Namni Waaqayyo yakka tokko illee irrattihin lakkoofne haa gammadu" jedhe Daawit. Dhiiga Hoolichaatiin yummuudhiqattanitti (amantiitti fakkeessuu utuu hin ta'in, dhugaatti DhiigaHoolichaatiin yummuu dhiqattanitti), Waaqayyo yakka keessan isa kanaan duraatokko illee isinitti hin lakkaa'u, sababiin isaa, isin Dhiigicha jala waanjirtaniif Inni yakka keessan hin ilaalu. Dhiiga aarsaa cubbuuf dhanga'aetujira; Inni isa kana keessaan duwwaa isin mil'achuu danda'a, karaa inni ittiinmaqaa keessa isa uumamuu biyya lafaatiin dura Macaafa Hoolichaa irrattibarreeffame arge Dhiiga Hoolichaa keessaani. Wanti Inni ilaalu yoo jiraate isakana duwwaa dha, sababiin isaa waan kanaan dura hojjechaa turtan hundumaa irraafuramtaniittu, isin dhiiga Hoolichaattin dhiqamtaniittu. Kanaafuu hadhooftuuntokko illee isin keessa hin jiru, amalli qulqulluu ta'uu dhabuu isin keessa hinjiru, sababiin isaa Dhiigni Hoolichaa sun isa kana hojjeteera; erga Isa aarsaacubbuutiif isiniif dhanagala'ee isin dura ciisee jiru argattanii booda,Waaqayyo yakka keessan isinitti hin lakkaa'u.

"Tole egaa, yoos inni kun kutaa manaa baay'ee naaf in kenna kaa,obboleessa koo Branhaam, waanan barbaade gochuu nan danda'a" in jetta. Aniyeroo hundumaa nan dubbadha; yeroo hundumaa. Namni tokko waan Yesus isaaf godhesirriitti erga hubatee booda, achi gala galee waan faallaa Isaa ta'e yoohojjete, kun kan agarsiisu inni gonkumaa raawwatee Kristosiin kan hin fudhatinjiru ta'uu isaati.

21 Ani haadha manaa miskiina duuba sana taa'aa jirtun qaba. Isheenwaggaa kudhaniin na booda kan jirtu yoo taatu, akkuma koo dabbasaan ishee arriibaaseera. Kanaaf sabab kan ta'e immoo isheen anaa fi biyya lafaa gidduudhaabatti. Yeroon gara biyya biraa tajaajilaaf deemutti, ani…Maatii akkasittijiraatu ta'uu ana irra hin jiru malee, utuun maatii koo walitti qabee, "AaddeBranhaam, as ilaali, ati aadde Branhaam akka ati taaten si hubachiisuu baraada.Yeroon deemutti abbaa manaa kan biraa qabaachuun sirra hin jiraatu. Dhiira kanbiraa irra ija kee akka hin buufne, walumaa galatti namatti hin miriixamin.Kana yoo goote, yeroon deebi'utti sin hiika" utuun isheen jedhee attam ta'a.

Isheen immoo as galagaltee, "Egaa, yaa dhirsa koo gaarii, anisimmoo waan tokkon sitti himuu barbaada. atis immoo yummuu deemtutti dubartiitokkotti illee akka hin dhi'aanne. Kanaakka hin goone, sanas akka hin goone.Kana yoo goote, yummuu manatti deebitutti akkan si hiiku beekkadhu" utuu isheennaan jettee attam ta'a.

Egaa, yoo akkas ta'e maatii jaallaamaa hin ta'u jettuu? Hubattanii?Lakki! Ani dhugaadhumattan ishee

jaalladha taanaan…Utuun dogoggora hojjedheeiyyuu, utuun mucucaadhee wayitti dogoggoree iyyuu, akka isheen dhiifama naafgootu nan amana; dhugaadhumatti isheen kana in gooti, sababiin isaa, isheen najaallatti. Isheenis yoo akkas goote, dhiifama akkan isheedhaaf godhu nan amana,dhugaadhumatti isheedhaaf nan dhiisa, sababiin isaa, ishee nan jaalladha. Garuuergan akkas ishee jaalladhee, hangan akkas ishee jaalladhutti, isheen hinyaaddoftu. Isheen dhiifama kan naaf gootu yoo taate iyyuu, ani waan kamiinillee ishee miidhuu hin qabu. Yoon kana ishee irratti raawwadhe yakkamaaaddunyaa akkan ta'etti natti dhaga'ama, waanan godhe tokko isheetti himuufdaqiiqaa tokko irra hin darbu, sababiin isaa, ishee nan jaalladha. Gaariidha, egaa…Jaalala guddaa akkasii (Phileo love) ergan isheedhaaf qabaadhee,jaalalli ani Kristosif qabu (agapaolove) immoo hagam caalchisee guddaa ta'uu qaba?

22 Utuun sigaaraa xuuxee iyyuu, jireenua koo keessatti kana godhee hinbeeku malee; garuu utuun kana godhee iyyuu, Inni kana gochuu kootiif naaf indhiisa, akka Inni naaf dhiisu nan amana. Utuu dhugaatii nama macheessu dhugeeiyyuu, raawwadhee jireenya koo keessatti dhugee hin beekuuf malee, akka Inninaaf dhiisu nan amana. Baay'ee guddiseen Isa jaalladha, (Yaa Waaqayyo, nagargaari) ani waan akkasii tokko illee gochuu hin barbaadu, hubadhaa, sababiinisaa, ani Isa nan jaalladha. Wanti sun narraa godaaneera, sababiin isaa, yummuuInni qurruu irraa gara gugeetti na jijjiiretti waan addaatu ta'e, fedhiinnyaataa koo fi wantoonni baay'een narraa godaanan; ergasii cubbuun koo nattihin lakkaa'amne, sababiin isaa, fedhiin isa gochuu na keessa hin jiru, cubbuugochuun na keessa hin jiru.

23 Egaa waa'ee gugee kanaa waan guddaa kan biraa tokkotu jira. Innisimbira adda ta'e dha. Simbirroota…hundumaa argitanii beektuu?

Simbirrootan baay'ee jaalladhu keessaa roobiin (robin) isa tokko.Amma egaa, isin ijoolleen dhiiraa, roobiinota kootti iyyuu dhiisaatii callisaa,sababiin isaa, ani akka isin itti iyyitan hin barbaadu. Roobiinii koo, roobiiniin koo attamitti akka harma diimaaqabaachuu danda'e beektuu? Maaltu ta'e beektuu, guyyaa tokko Namicha tokkotufannoo irratti du'aa jira ture, namni tokko illee Isa gargaaruu hin dandeenye,Waaqayyo Namicha waan dhiiseef, Inni du'aa jira ture. Harki Isaa mismaaraancinqaarameera, harki Isaa fi cinaachi Isaa in dhiigu turan, gonfoon qoraattiimataa Isaa irra kaa'amee ture, dhiigni fuula Isaa irra gadi dhangala'a ture.Yeroo sanatti simbirroo xinnoo bifa daalachaa qabdu tokkotu achiin darbaa ture.Achumaanis gara waan ta'aa jiruu ilaallaan…waan jireenya isaa keessatti argekeessaa inni kun waan garaa nama nyaatu ta'uu isaa hubate. Inni simbira xinnaaakka ta'e of hubate, garuu gara waan gurguddaa sanaa yummuu ilaalu, kunoo garajabinni mismaara Roomaa harka Isaa keessa cinqaaramee jira, kanaafis inni garasanatti balali'ee uuruu ishee xiqqoo sanaan mismaaricha irraa buqqisuuf yaale.Dhiigaan waan dhiqateef yeroo sana irraa jalqabee harmi isaa diimaa ta'ee hafe.Anis qomni koo gaacha Dhiiga Isaa akka hidhatun barbaada, yeroon gara Isaa dhufettiIsatu golgaa naaf ta'e. Ani roobiinii xinnoo sana nan jaalla dha.

24 Garuu, kana beekaa, roobiinii xinnittiin dhagna ishee dhiqachuuqabdi; garuu, kana beekaa, gugeen kana gochuu hin qabdu; lakki. Inni gosadibataa wayii ok keessaa kan qabu yoo ta'u, dibatichis keessaa gara alaatti kanisa qulqulleessuu fi kan isa cululuqsu dha. Isa kana beektuu? Isa kana gugeetuqaba! Gugeen dibataan ofii isaa diba. Gugee sookkee, yookiin kan biraa, takkaaqabdanii foolii isaa urgeeffattanii beektuu? Urgaan sun dibata keessa isaatiimaddu dha. Qaamni isaa xannacha dibata oomiishu waan qabuuf, dibatichisbaalleen isaa yeroo hundumaa alaan qulqulluu akka ta'u godha, sababiin isaa,inni keessaa gara alaatti qulqullaa'a waan ta'eef. Inni kun sirrii dha. Innisimbira dinqisiisaa ta'e dha.

Amma egaa, as Laawusaaniyaatti isaan adamsuu akka dandeessan nanbeeka, akkas jedheen yaada. Kana hin godhinaa! Oo, ani kana hin godhu. Yoonbeela'e, ajjeesee nyaachuun koo rakkoo hin qabu jedheen yaada, garuu gugeetokko irratti illee hanga har'aatti shuqquxii luqqifadhee hin beeku.

25 Gugeen maatii keenya keessatti waan adda ta'e gooteetti. Guyyaatokko yeroo akkoon koo…Isheen ol gubbaa kana Kentuukii dhaa, hoteela Cherokeeiddoo buufattee turtee galte. Isheen du'aa jirti turte, jaartiin miskiinni sun…Isaan…Iskiroofuulaa (Scrofula) moo waan ta'e wayii jedhanii waamu, isheen dhukkubakanaan du'aa jirti turte. Akaakayyuun koo siree bukkee jilbeenfatee ture;Immammaan, adaadaan koo Birti'een, adaadaan koo Hawulaayi, hundumti isaaniisireetti naanna'anii jilbeenfatanii jiru turan; eessumni koo Chaarli'een,(daa'imni xiqqaan, mucaan dhiiraa waggaa afurii) daa'imni kunis achuma ture;Immammaan, isheen angafni, mucaan waggaa kudha lamaas achi turte. Isheen egaa rifeensa mataa ishee isagurraacha sana siree irra teessee filachaa, yummuu isheen du'aa jirtutti, "Kattaabarootaa, naaf baqaqi, Si keessan of dhoksaa" jettee faarfachuu jalqabde.Akaakayyuun koo yeroo sanatti Kristaana hin turre. Laga iddoo Ergamaan Gooftaamul'ate sanattin umurii waggaa saddeettamii torbaatti Maqaa Yesus Kristosittiisa cuuphe.

Garuu yummuu isheen faarfannaa kana harka ishee bututaa sanaqilleensa keessa ol qabdee faarfachuu jalqabdetti, gugeen karaa balbalaabalaliitee ol seente; naannoo sanitti as dhi'aatte, fiixee siree irra teesseesagalee ishee dhageessisuutti kaate. Yeroodhuma sanatti Waaqayyo lubbuu isheefudhate.

26 Gara London Ingilizii obboleessa keenya Jaakii fi obboleessakeenya Gorden Lindisey wajjin deemnee

kan turre yoo ta'u, dubartii maqaan isheeFiloorensi Naayitingaalee jedhamtututure(akka yaada kootti, isheen intala abaabayyuu Filoorensi Naayitingaaleedurii ta'uun ishee hin haftu), inni xalayaa baay'ee naaf barreessaa ture.Isheen god asana, Afrikaa Kibbaa keessatti kaanseriidhaan du'aa turte. Footoonishee jira; Kitaaba keessatti footo ishee argitaniittu. Ani jireenya kookeessatti du'a akkasii argee hin beeku. Obboleessa koo Jaak, nan amana, guyyaasana anaa wajjin turte. Gara manatajaajilaa tokkoo, waldaa duuba, iddoo isaan itti ishee fidan dhaqne.

Yeroo nuyi amma iyyuu…iddoo xiyyaarri itti bu'utti, isaan nuduukaa bu'an, isheen immoo ambulaansii keessa achuma jirtu turte yeroo sanatti;yeroo sanatti akkan gara Ingilizii dhaqu waan baraniif, Afrikaa kibbaa irraagara sanatti imalan. Tajaajilaan sun gara mana keessummaatti waan gesseef,isheedhaaf kadhachuuf gara sana deemne.

27 Namoota dhukkubsatan baay'ee argeera, garuu furdinni harka isheeiinchii tokko hin caalu, buqqeen mataa ishee walitti hidhameera, isa kanailaaluu dandeessu. Sarbaan ishee inni gara tafa isheetti ol aanu, furdinni isaaiinchii lama hin caalu, dhugaadhumatti lafee dha. isheen dandeessee harka isheeol hin qabdu turte, isheen harka ishee ol qabuu dadhabde. Isaan waan ta'e tokkodubbachuu yaalti turte, ani garuu hubachuu hin dandeenye. Xumura irrattiyummuun dhaga'utti, ani karaa narsii nan amana, isheen, "Obboleessa kooBranhaam, akkan du'uuf naaf kadhadhu" naan jette. Isheen jiraachuu hinbarbaaddu turte. Nan yaadadha, imimmaantu ija ishee lamaan keessaa fuula isheeisa lafee ta'e sana irra gadi yaa'e. Isheen jiidha ittiin boossu sana eessaaargattee laata, ani hin beeku; hiddi dhiiga ishee hojii waan dhaabeef isheenhaala baay'ee rakkisaa keessa turte. Anidhukkubaa kadahchuu waanan dhufeef, akka isheen duutuuf kadhachuu hin dandeenye.Garuu nama hin duune fakkaatti, lubbuun ishee keessa jira ture.

Kadhannaadhaaf Paasterii keessanii wajjin jilbeenfanne. Yummuunkadhannaadhaaf gadi jilbeenfadhutti, gugeen xinnoon tokko karaa foddaa dhufteesagalee dhageessisuu jalqabde. Yummuun kadhannaa xumuretti, gugee manaatu iddoota'ee sagalee dhageessisa jedheen yaade. Alli hurriin kan aguuge ture, Ingiliziinakkas turte, iddoon sun odola Ingilizii ture. Gugeen miskiinni sun sagaleedhageessisuu irraa callistee, sana booda balaliitee sokkite. Achi deemee harkakoo ishee irra kaa'een Maqaa Gooftaa ishee irratti waame. Egaa dubartiin sunhar'a baay'ee furdoo dha, har'a dubartii jabduu fayya-qabeettii taatee, KoochooGugee irra jirti.

Inni keessaa gara alaatti qulqullina isaa in eeggata. Kristaanniskana in godha, inni keessa gara alaatti of in qulqulleessa. Inni kun immoohadhooftuu… Nyaata bulleessuuf hadhooftuu kam iyyuu isa hin barbaachisu, sababiinisaa, inni isa hin nyaatu waan ta'eef. Hubattanii? inni keessaa gara alaattiqulqulluu dha.

28 Egaa amma, wanti nuyi hubannu yoo jiraate, simbirroon sun…Waanbaay'een barreessee of harkaa qaba, garuu sa'aatiin fiigaa jira. simbirroon kunKakuu Moofaa keessattis aarsaadhaaf, araaraa fi qulqullaa'uudhaaf tajaajilaature. Mee isa kana Uumama 15:9 irraa haa ilaallu. Mee waa'ee lakkaoofsa kanaayeroo xiqqoodhaaf yaadaa. Egaa ammaa, Abrahaam akkamitti akka kana godhuWaaqayyoon gaafata ture. WaaqayyoSagalee Isaa gara Abrahaamitti deebisee dubbachaa kan jiru yoo ta'u, Inniskaraa hin adda ta'een isatti dhi'aate. Naannoo…jalqabna. Mee lakkoofsatokkoffaa irraa haa jalqabnu. Kana irratti ariifachuu hin barbaachisu.

Kun erga ta'ee booddee, Waaqayyo mul'atakeessa gara Abrahaam dhufee,…

Hubadhaa, Abrahaam raajii ture, kanaafismul'ata arge.

… "Yaa Abrahaam, hin sodaatin. Anigaachana keeti, gatiin kee baay'ee guddaa in ta'a" jedheen. (Yaahwee-Maanessee, hubadhaa.)

Abrahaam garuu, "Yaa Waaqayyo Gooftaa…(Qubguddeessa 'G' hubadhaa, "YaaWaaqayyo Gooftaa." Elohim! Hubattanii?...yaaWaaqayyo Gooftaa,…(mul'atakeessa)…utuu ani dhala dhabee jiruu, maalanaaf kennuuf jirta? Namni mana koo dhaalus Elii'ezaar nama Damaasqoo kana"jedhe.

Abrahaam ammas, "Kunoo, ati dhala naafhin laanne, hojjetaan mana kootii ana dhaaluuf jira" jedhe.

Yummus Dubbiin Gooftaa gara isaa dhufee,"Namichi kun si hin dhaalu,…

Akkuma isin beektan,kakuu isaaf gale. …miti, hubadhaa, yeroo sanatti Abrahaam kufee ture, garuukakuun haalaan kan daangeffamu miti; kakuun haalaan kan daangeffamu miti.

…ilma ofii keetii dhalchitutu si dhaala"jedheen. (Inniyeroo sanatti nama waggaa dhibbaa ti.)

Abrahaamiin alatti gadi baasees, "Garabantiwwan waaqaa ol ilaali, urjootas yoo lakkaa'uu dandeesse lakkaa'i" jedheen;kana booddee immoo, "Sanyiin kees akkasuma in ta'a" jedheen. (Nama dhala hin qabnee fi ammanama waggaan isaa dhibba tokko ta'e dha.)

Abrahaam Gooftaatti amane, inni immooqajeelummaatti in lakkaa'ameef.

Gooftaan ergasii Abrahaamiin, “AniGooftaan biyya kana dhaala akka godhattuuf siif kennuuf, isa Ur biyyaKaaldotaatii si baasee dha” jedhe.

Abrahaam garuu, “Yaa Waaqayyo Gooftaa,ani biyyicha dhaala koo godhachuuf akkan jiru maaliinan beeka?” jedhe.

Amma kana dhaggeeffadhaa.

Waaqayyo immoo kana irratti, “Goromsawaggaa sadii, reettii waggaa dhaltuu waggaa sadii,…(Amma sadii sirriitti qalbeeffadhaa,”waggaa sadii“)…Korbeessa hoolaa waggaasadii, gugee horaa, gugee kan biraa sookkee tokkos anaaf fidi” jedheen.(Lamaanuu nama tokko, lamaanuu waanuma tokko. Hubadhaa, inni aarsaadhaaf kangargaaru yoo ta'e, dursee Yesusin kan agarsiisu ture.)

29 Kaakuun raawwatamee ture…Beektuu, attamitti akka inni gargartarsaasuu fi attamitti inni kun…

Bara duriitti yummuu kakuu waliif raawwatan, barreeffama waliigaltee waliif kennu. Sana booda horii qalanii qixa lamaan isaa gidduu dhaabatu;kakuu sana bakka lamatti tarsaasanii namni tokko gar tokko fudhata,namnibiraan…

Waan namichi chaayinaa mana laawundarii qabu tokko gochaa tureenwal fakkaata. Namichi chaayinaa kunIngiliffa barreessuu hin danda'u ture, kanaaf inni waraqaa irratti barreessee,isas addaan kutuudhaan gartokkee isaa namaaf kenna ture. Egaa yeroo isaan kanagodhanitti laawudarii warra chaayinootaa ta'uu isaa in yaadattu. Wayyaa keessanfudhachuu yummuu dhaqxanitti, fiixee waraqichaa wal qixxeessanii mirkaneeffatu.Hubadhaa, isa gowwomsuu hin dandeessan, sababiin isaa, citaa kan biraa ofharkaa qaba waan ta'eef. Tarii maqaa keessan jijjiirtanii irratti barreessuudandeessu ta'a, garuu waraqaa sana kutuu hin dandeessan. Hubattanii? kanaafis,inni citaa waraqaa gosa tokko ta'uu qaba.

Bara Ori'entaalii jedhamu kessas, baroota dheera dura bara warraBahaa keessas bifu kanaan kakuu raawwatu turan. Isaan horii qalanii isa gudduuin dhaagatu, sana boda gogaa re'ee addaan baqaqfatanii, inni tokko gar tokko,inni kaan…Yummuu kakuun sun raawwatutti immoo citaa gogaa sana walitti fidaniisirriitti akka isa dura tureetti walitti in qabsiisu.

30 Egaa, Wanti Waaqayyo isatti mul'isaa jiru isa kana, aarsaa kanneenirratti wanti dubbatamaa jiru, waa'ee Kristosii ti; innis immoo attamittiWaaqayyo Yesusiin gara Golgootaatti akka geessee gargar Isa hire, attamittiakka Inni dhagna Isaa gara bantii waaqaatti akka fudhatee fi attamitti akka InniHafuuricha gadi nuuf erge dha, innis immoo Dhagnichaa wajjiin akka sirriittiwal qabsiisutti, yeroo dhumaatti Misirroo akka taatanitti, Hafuurichuma isaIsarra turetu isin irras bu'uu qaba. Hubattanii? Hubattanii? Inni kun sirriidha. Hubattanii? Egaa amma, damee amantii tokkoo ta'uu miti. Isa Inni ture, agalichata'uu dha malee. Hubattanii?

Akkuma Sagaleen sun Sagalee ta'e ta'uu qaba, akkuma seelii dhalanamaa ta'uu qaba. Beektuu, dhagni keessan yummuu ijaaramutti, seeliin tokko kannamaa, seeliin tokko kan saree, sseliin itti aanu immoo kan booyyee irraaijaarame miti. Oo, lakki, lakki. Inni guutumaatti seelii namaa irraa kanijaarame dha. Dhagni Kristoosis akkaataadhuma kanaan ijaarame, guutummaan IsaaSagalee Waaqayyoo irraa ijaarame. Gara tokkeen Isaa irraa ijaarame miti, aadaawayiitu Isatti dabalame miti; lakki Inni guutummaa Dhagna Kristosi.

Egaa amma, as irratti kan arginu inni gugee horaa fi gugee kan biraasookkee, lamaan isaaniitti dhimma ba'uu isaa ti, sababiin isaa, isaan lamaanuumaatii tokko keessaa argaman. Egaa ammaa, isin yeroo hundumaa…

31 Kanaafis hubadhaa (Caaffatoota lamaan tokkon tuquu barbaada),Lewwoota 12lakkoofsa 6ffaa waliin haa ilaallu. As irratti kan ilaallu seeradubartiin ittiin qulqullooftu dha; dubartiin tokko yoo mucaa deesse yeroodhaafmana turuu qabdi. Mucaan isheen deessu dhiira yoo ta'e, isheen guyyootasoddomii sadiif mana qulqullummaa seenuu irraa of qusachuu qabdi, guyyaa sanabooda ittiin qulqullaa'uudhaaf gugee qabattee gara iddoo qulullaa sana dhaqxi. Isheenyoo mucaa durbaa deesse ta'e immoo, guyyoota jaatamii ja'aaf mana qulqullummaairraa fagaachuutu isheedhaaf ta'a.

Amma egaa isa kana lakkoofsa 6ffaa irratti arganna.

Yummuu isheen ilma yookis durba deesseeyeroon itti qullooftu ga'u immoo, xobbaallaa hoolaa korbeessa waggaa tokkooqalma gubamuuf akkasumas gugee horaa tokko yookis gugee sookkee tokko aarsaasababii cubbuutiif dhi'aatuuf balbala dunkaana walga'ii duratti lubichatti haafiddu!

Hubadhaa, isheen amma iyyuu ol seenuu hin dandeessu, sababiin isaayeroon ishee hin xumuramne waan ta'eef, garuu lubuchi akka aarsaa isheedhaafdhi'eessuuf balbala duratti isatti fiduu dandeessi. Hubadhaa, kan isheen fiddugugee horaa yookiin gugee sookkeeti. Isaan lachuu maatii tokko.

32 Egaa inni aarsaa sababii cubbuutiif kan dhi'aatudha, aarsaasababii cubuutiif gugee tokkotu dhi'aata. Dhukkuba lamxiif immoo gugee lamatudhi'aata, lamxiin cubbuutti in fakkeeffama; mormi gugee tokkoo

muramee gadigala galfamuudhaan gugee ishee tokko irratti akka dhiigu taasifama; sana boodagugeen isheen tokko gadi dhiifamti. Gugeen sun yummuu balali'utti dhiigahiriyaa sanaatiin lafa in dhiqa, dhiigichis, “Qulqulluu! Qulqulluu! WaaqayyoGooftaan Qulqulluu dha” jedhee gara Waaqayyooti in iyya.

Jaallli isaa Inni du'aa jiru Yesus Kristos ta'uu Isaa hin hubattanii?Inni birmaduu akka baanuuf ajjeefamee dhiiga Isaa facaase, dhiigi Isaas,“Qulqulluudha! Qulqulluudha! Gooftichi Qulqulluu dha” jedhee iyye. Maalfakkeenyi bareedaan akkasii. Sagalee wayiin dhaga'e.

33 Amma immoo Mul'ata 3:16 keessaaa kan dubbifannu immoo HafuurriQulqulluu guddichatti gugeen akka fakkeeffame, Waaqayyo milikkita gugeetti akkagargaarame agarsiisa.

Akkuma obboleessi tokko faarfaate sana, Waaqayyo Nohiif milikkitakenne. Waaqayyo aarraan dheeksa Isaa irraa wanti deebisu hin jiru, maaliifjennaan, “Guyyaa isa irraa nyaatetti in duuta” jedheera waan ta'eef. NohiWaaqayyoon duratti ayyaanain argate, akka Waaqayyo isa abboomettis markabahojjetee, bishaaniin liqifamuu oole.

Ani…isaa yummuun ilaalu…Guyyoota sanatti jarri, “Jaarsi dulloomaangaara gubbaa kun, jaarsi maraataan kun, 'Bokkaatu roobuuf jedha' jedhee markabahojjechaa jira” yummuu jedhanitti maaltu isaan irratti raawwate. Garuu inni…

Nohi immoo, “Maalumaafuu, bokkichi roobuuf jira” jedheen.

Guyyaa inni markabichatti gale nan beeka, akkan yaadutti…Guyyaaisaa yaadachuu hin dandeenye, nan amana, ji'a Caamsaa guyyaa torbaffaatti ittigale. Nohi markabichatti gallaan, Waaqayyo balbala markabichaa cufe.

Sana booda duumessi duumessa'uu jalqabe, bokkaanis roobuu jalqabe,lafti gadi dhooqaan bishaaniin guutuu jalqabe, lageen guutanii irra galagaluujalqaban, burqituun lageen hundaa bisheen ol burqisiisuu jalqaban. Xumurairratti namoonni manatti galan, mana yaabuu jalqaban. Markabichi garuu akkumaduraatti jira ture.

Erga bishaanichi hamma ga'utti guuteee ishee marsetti, isheen olfagaachaa, ol fagaachaa deemte. Namoonni iyyanii watwaachaa balbala markibichaarurrukutu turan, garuu kana gochuun isaanii gaarii ta'ee hin argamne, Nohibalbalicha banuu hin dandeenye. Waaqayyotu isa cufe, Namni isa banuu danda'usWaaqayyo duwwaa dha.

Markabi keenya Yesus Kristosis akkasuma; Waaqayyotu Qaraaniyooirratti balbala nuuf bane, Inni akkataadhuma bane sanatti deebisee cufuuf jira.

34 Egaa inni bishaan irra bololi'uu ittuma fufe, tarii laftimarkabicha irraa maayilii tokko gadi faggaatti ta'a, lafti yeroo…orbiitii isheeirra naannoftutti. Naanna'ee, naanna'ee sokkee, tulloota irraa, guyyaaafurtamaa fi halkan afurtam ol fagaatee ture.

Yummuu bubeen bubbisuu dhaabuu jalqabetti…

Dheekkamsi Waaqayyoo sodaachisaa dha. Jaalalli Isaa qulqulluu fiHooda; akkuma jaalalli Isaa Hooda ta'e, dheekkamsi Isaas Hooda, sababiin isaa,Inni abbaa murtii waan ta'ee murtee dabaruu qaba. Seera kan kennu Isa, seerriadabbii hin qabne immoo seera miti. Kanaafis adabbiin seeraa jiraachuundirqama. Yummuu seera Waaqayyoo irra darbitanitti in adabamtu.

35 Egaa erga Nohi bishaan irra ol bololi'ee booda hubadhaa, huursaabishaanii fi raafama isaa irraan kan ka'e, akkasumas dheekkamsa Waaqayyooirraan kan ka'e hurraa'uu, caccabuu, iyyuu fi watwaachuun namootaa kan ka'esiqiqiin sodaa akka isa mudatu wal nama hin shakkisiisu. Sana boodatasgabbaa'uu jalqabe, homtinuus hin taane. Guyyoonni dhufanii darban, homtinuuhin taane. Nyaanni bineensotaa tarii xiqqaachaa yoo dhufe iyyuu, homtinuu hintaane. Kanaafis inni, “Dinqifadhaa…Ani ala arguu hin danda'u” jedhee yaade.

Markabichi sirriitti kan ijaaramedha (yummuu isin al tokko keessaturtanitti), markabichi foddaa tokko qofaa kan qabu yummuu ta'u, innis karaairra keessaatiin kan baafame dha. bukkedhaan ilaaluu hin dandeessan turtan,asii ol malee karaa kamiinuu ala ilaaluu hin dandeessan turtan. Markabi keenyaYesus Kristosis akkasuma. Nama isin bira jiru ilaaluu hin danda'amu, Markabichakeessa yummuu jirtanitti gara Kristos malee gara waan kamii iyyuu ilaaluu hindandeessan, sababiin isaa balbala tokko qofaatu jira, akkuma har'a ganamadubbachaa turre, Inni Balbalicha. “Namni qotiyyootti dugda gatee hordaa qabatu,qotiisaaf hin malu waan ta'eef” ol ilaaluu irraa ija keessan hin buqqifatinaa.

36 Egaa amma, akkuma markaba kana keessatti…Inni ifa arguu danda'a,tarii ifa aduu arguu danda'a, garuu iddoon inni jiru isa dinqisiise. Markabichiamma iyyuu bishaanirra bololi'uu itti fufee jira, inni dambalii bishaaniimarkabicha dhiibu dhaga'uu danda'a, garuu guyyoonni baay'een akka darban inbeeka ture, yeroo sanatti bishaanni gadi hir'achaa dhufeera. Kanaafis innisimbira hin amanamnee tokko qabee, yaaliidhaaf gara alaatti erge. Innis imooqurruu ture, qurruun sunis raawwatee gara isaatti hin deebine, sababiin

isaa,ala sanaa, markaba Waaqayyoo alaa waan isa gammachiisu waan argateef. Inni raqaerga du'ee ture isa tokko irraa gara isa kaaniitti balali'aa, raqaa fi waandu'ee bishaan keessa bololi'u nyaachaa ture; nyaatee quufees garaa in ciibsate.

37 Kanaafis guyyoota baay'ee erga yaalee booda,…waan bareef. Inniba'ee dheekkamsa Waaqayyoo irra deemuu hin barbaanne. Kanaafis inni gugeehiikee gadi dhiise. Gugeen kun… irra amala uumamaa addaa qaba. Inni gobocoroomiti, inni allaattii ija mukaa fi raqa nyaattus miti, inni waan qulqulluu ta'eqofaa nyaachuu danda'a. Inni nyaatee quufeera, sabbaiin isaa, iddoo faanamiilla isaan dhaabbatu argachuu hin dandeenye waan ta'eef, inni garamarkabichaatti deebi'e. Nohi, "Tole, bishaanichi amma iyyuu guutuu dha" jedhe.

Sana booda Nohi guyyootabaay'eedhaaf erga turee booda, ammas in erge; inni, "Oo yaa Waaqayyo, dheekkamsiKee qabbanaa'eeraa? Yaa Gooftaa, dheekkamsi Kee raawwateeraa? Wanti hubduuxumurameeraa?" jedhee kadhachuun isaa hin oolle. Sana booda, "Yeroo kanattiyummuun gara alaatti ishee erguttu yoo deebi'uu didde, bishaanichi gadigaleera, bishaanichi gadi gallaan, tarii isheen achumaan hafti ta'a" jedhe.Garuu inni kadhannaadhaan waan ishee ergeef, isheen Waaqayyoon geggeeffamteewaan deemteef, baala mukaa qabattee dhuftee foddaa markabichaa irra deebiteequbatte.

Waaqayyo milikkitaaf tokkoof gugeetti dhimma ba'a. Isheen,"Bishaanichi badiisaa darbeera" jechaa dhufte. Sana booda Waaqayyo balbalichabannaan, isaan markabicha keessaa ba'an. Innis immoo Uumama 8:8.

38 Maatewos 3:16 keessatti, yummuu dheekkamsi waaqayyoo biyya lafaairra turetti ammas gugeetti dhimma ba'e. Karaan itiin ba'an hin jiru ture, halkanwalakkaa, dukkana limixii ture. Waldaan micciiramummaa keessaa ba'uu hindandeenye keessa galtee turte. Barsiisota sobaatu ture, wanti hunduu biqileemul'achuu jalqabe, beekumsi hundinuu mul'ifamuutti ka'e, garuu Waaqayyogugeetti dhimma ba'e. Inni Isa gammachiise, Ilmi Isaa Yesus baay'isee Isagammachiise, kanaanis Inni addaan baasee Isa bare.

Egaa amma, daa'imni sun gaadaa hoolaan itti galtu keessatti, utuuabbaan Isaa fi haati Isaa seeraan wal hin fuudhin dhalata jedhanii amanuu hindandeenye. Waaqayyo waan akkasiitti dhimma ba'a jedhanii garaatti hin yaadne.Kanaafis Inni biyya lafaatti beeksifamuutu irra jira; guyyaa sana dachaalagichaatti, yummuu Inni Ofii Isaa Dinqii Hojii Waaqayyoo (God's Masterpiece)ta'uu Isaa itti agarsiise…Inni yummuu bishaanicha keessa lixuuf abboomamaa ta'etti…

39 Egaa, achitti hubattaniittu yoo ta'e, barumsa guddaa kan ofkeessaa qabu dha. Yeroo sanatti biyya lafaa irraa namni guddaan hamma Yohannisga'u hin jiru ture. Yesus, "Nama ta'ee lafa irratti kan dhalate keessaa,Yohannis irra kan caalu hin jiru," yeroo sanaaf, jedhe. Inni raajii ture. Isakana in amantuu? Egaa, yaadadhaa, Sagaleen Waaqayyoo gara waan alafa irra jirutokkoo dhufuu yoo barbaade, gara raajii dhufa. Karaan Waaqayyoo yeroo hundumaaisa kana. Yesus Sagalee foon uffatee mul'ate ta'uu Isaa in amantuu? Kanaafiskaraan Inni ittiin namatti beeksifamu tokko duwwaatu jira; karaa lubootaatiinmiti.

Inni ka'ee ol ba'ee, "Qayyaafa, namatti Na beeksiftaa?" hin jenne.Utuu kana godheera ta'ee, Innis dogoggora Daawit hojjete, isa guyyaa tokkowaliin barachaa turree sana hojjechuu isaati; hubadhaa, Inni utuu garaWaldaatti ol ba'ee, "Namootatti Na beeksiftaa?" jedhee, dogoggora hojjeta ture.

40 Mee yeroodhuma Inni dhalate illee ilaalaa. Inni yeroo dhalatetti,gaadidduu waldaa jalatti dhalate. Tarii isaan bilbila bilbilaniiru ta'a waanbiros raawwataniiru ta'a, garuu namni maalummaa Isaa hubachuu danda'e tiksootahoolaa fi warra urji lakkooftuu dha. hubattanii?

Ammas kunoo Inni as jira, tajaajila Isaatiif qophaa'ee… InniSagalicha erga turee…

Akkaataa akeeka Waaqayyoo isa guddaatti, Sagaleen karaa tokkicha…"Waaqayyo Gooftaan murtoo Isaa isa dhokatee jiru hojjetoota Isaa warraraajotaatti utuu hin mul'isin, tokko illee hojii irra hin oolchu." Egaa hojiiIsaa isa kana, kana ta'uu qabas; yummuu mallattowwan sun banamanii fi wantoonnibiroon ta'anittis akkasuma ture. Taatewwan gurguddoo biyya lafaa irrattiraawwataman hundumaa, Waaqayyo raajota Isaatti in mul'isa.

"Inni in dhufa" jedhee raajii dubbachaa waan tureef, Yohannisisraajii ture.

Guyyaa tokko gurmuun lubootaa gaara tokko bukkee dhaabataniimari'ataa turan. Kanaafis isaan, "Ati dhoqqee sana keessa dhaabattee, 'Aniraajii dha' ofiin jettee nutti himuu barbaaddaa" isaan jedhan, (waldaa keessataa'anii hin turre yeroo sanatti, sababiin isaa, isaan isa fudhachuu wandidaniif) "Dhoqqee kana keessa dhaabattee, guyyaa Yaahwee guddaan Inniaarsawwan kana dhaabe, yeroon Yahiwee guddaan Inni mana qulqullummaa kanadhaabe, Inni Utubaa Ibiddaatiin isatti ol galee dhufaa jira, 'guyyaan aarsaanwalitti fufee aarfamu kun itti balleeffamu dhufuuf jira' nuun jechuubarbaaddaa?" isaan jedhan.

Inni, "Namni tokko in dhufe, Inni amma iyyuu isin gidduu jira(bakkee kana iddoo ta'e tokko jira), Inni cubbuu nama irraa in fuudha" jedhe.Hubadhaa, lubootatu isaa wajjin mar'iachaa jira.

41 Yohannis ol ilaale! Egaa amma, inni maali? Inni raajii dha!Sagalichis kunoo ti, kallattiidhumaan Sagaleen gara raajii dhufe,kallattiidhaan gara bidhaanichaa dhufe. Yohannisis, "Ilaa Hoolicha Waaqayyoo,Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu. Inni kuunnoo achi jira, Inni Isa" jedhe.Yesus jecha tokko illee hin dubbanne, callisee gara bishaaniitti adeeme malee.Inni bishaanicha keessa utuu dhaabatuun ilaalaa jira (akka diraamaatti yaadaa),Wantoota gutguddoo lafa dha'aa jiran lamaan ilaalaa; Waaqayyo Isa Sagalee ta'eefi raajii Isaa ilaalaa.

Hubadhaa, Dubbiin Sagalee Waaqayyoo hojii ayyaana Waaqayyoo kanta'e bishaan kana keessatti gararaajichaa dhufe (uhuhhuu). Isiniif galeera jdheen yaada (uhuhhuu). Bishaankeessatti! Mul'anni Sagalichaa yeroo jalqabaatiif bishaan keessatti raawwate.Amma egaa, Misirrottiin, Ergaan Ifa Gara Galgalaa eessatti akka jalqabeargitaniittuu? Bishaan keessatti! Sagalichi, Sagalee dhugaan Inni seerotawaldaa (creeds) dhaan hin makamin bishaan keessatti gara raajichaa dhufe.

42 Qalbeeffadhaa! Yummuu iji Sagalichaa fi iji raajichaa wal irrabu'u argaa jirtuu? Oo, inni anaaf waan guddaa dha. Kunoo Sagaleen achidhaabetee jira, kunoo raajichis achi dhaabatee jira, lamaan isaanii ija waliiwalii isaanii keessa ilaalaa jiru. Raajichi immoo, "Siin cuuphamuun anaafbarbaachisa, ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa?" jedhee jabeessee Isaittise.

Sagalichi immoo…jedhe. Kun dhugaa dha.

Mee amma diraamaatokko isinitti agarsiisa:

"Yohaannis, ati raajii dha, ati Sagalicha beekta." Hubattanii? "AtiNa hubatta, ati Eenyu akkan ta'e in beekta."

"Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa" jedhe Yohannis.

Yesus immoo, "Ana hin ittisin. Inni ati jette dhugaadhumattisirrii dha, Anaan cuuphamuun siif in barbaachisa. Garuu Yohannis, yaadadhu,akka raajiitti, wanti nurraa barbaachisu (akka Sagalee fi raajii ta'ee), nuyiDubbii Sagalee hundumaa raawwachuuqabna. Uhuhhuu. Yohannisiif," (amma egaa mul'anni kunoo ti) "Yohannis, Eenyuakkan ta'e atuu ni beekta, Ani Hoolaa aarsaa cubbuuf qalamu dha. Akka SagaleeWaaqayyootti immoo, Hoolaan aarsaadhaaf dhi'aatu, utuu aarsaadhaaf hindhi'aatin dura dhiqamuu qaba." Kun sirrii dha mitii? Sagaleen… "Hoolaandhiqamee aarsaadhaa in dhi'eeffama, Ani immoo Hoolicha. Anis immoo biyyalafaatiif aarsaa ta'ee dhi'aachuu akkan danda'uuf bishaaniin miicamuun koodirqama. Sagalee fi raajiin taanee walitti waan dhufneef, Yohannis, cuuphamuuAna hin ittisin" jedheen.

43 Gaariidha egaa, dogoggorri tokko illee achi hin turre. Egaa,wantoonni kun huduu…

Amma egaa, hubadhaa, hundumti isaa utuu akkasitti hin kaa'amneta'ee, Yohaannis akka nuyi warra hafan hundumaa hin ta'u ture; kanaafis isaan,"Eeyyee, yaa Gooftaa, nuyi Eenya akka taate in beekna" jedhu turan.

Inni, "Tole egaa, mee Na dhaga'aa, Ani Sagalicha. Uhuhhuu. 'Namnibuddeena duwwaadhaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessa ba'u hundumaan malee. Ani isa aarsaacubbuutiif dhi'aatu sana waanan ta'eef, utuun hin dhi'aatin dura miicamuutuNaaf ta'a. garuu yaa Yohaannis, wanti ati jette dhugaa dha" jedhe.

Yohannis raajii waan ta'eef, Dubbiin Sagalee Waaqayyoo raawwachuuakka qabu in beeka, kanaafis dhowwuu dhiisee Isa cuuphe. Yummuu Inni bishaankeessaa ol kaafamettis, Ergaan waaqa irraa koola Gugeetiin dhufee, "Inni kunIlma koo Isa jaallatamaa dha" jedhe. Inni Ergaa ayyaana furii ilmaan namootaakoola Gugee waaqa irraa gara biyya lafaatti balali'uu irraatiin erge. "Nagaanbiyya lafaatii haa ta'u, gaarummaanis namootaaf." Yeroo sanatti aarsaandhi'aatu sun qophaa'eera; guddifamee, kunuunfamamee, Ergamni Isaa qophaa'eera,Dubbiin Sagalee guutummaa biyya lafaa fure, "Raawwatameera!" isa Inni jedhedha.

44 Gugeen Macaafa Qulqulluu keessatti akka mallattoo nagaattitajaajilti, biyyoota garaa garaa keessatti akka mallattoo nagaatti tajaajilti.Nuyi buyya…qabna. Biyyi keenya Joobiraan bakka kan buute dha. Biyyoonni kaanimmoo simbira kan biraatiin bakka bu'u, Roomaan joobira qabdi, Jarmaniinisjoobira of irraa qabdi; baay'een isaanii simbirroota gurguddoo samii keessabalali'aniin bakka bu'u. garuu biyyoota hundumaatti gugee mallattoo nagaa ti.Mallattoon kun kan walii gala ti.

Akkuma isa obboleessi keenya Griin galgala gaaf tokkoo dubbateeti, obboleessi keenya Piirii Griin, "Mallattoon booji'amuu, 'harka ol kaasuudha' jedhe ti. Biyya kamitti iyyuu harka ol qabuun, booji'amuu agarsiisa"jedhe. Inni, "Yummuu faarfattanitti harka keessan yoo ol qabda, guutummaattidabarsitanii ofa laachuu keessan agarsiisa" jedhe.

Egaa biyyoota hundumaatti gugeen mallattoo nageenyaa ti. Innimaaliif akka ta'e? Sababa amala addaa qabuu fi sababa nagaa ta'ee mallattookana ta'uu danda'e. inni kanaaf mallattoo nagaa ta'e.

45 Waa'een gugee inni kan biraan immoo, inni simbira mana jaallatuudha. inni mana jiraachuu jaallata.

Wanti kan biraan immoo, inni hiriyaa isaatiif amanamaa dha. Gugee kormaayookiin dhalaan, gonkumaa walii walii isaanii dhiisanii hin deeman. Isheendhaltuun yeroo wal quunnamtiitti isa kormaa barbaacha deemti. Hubadhaa, innikun uumama Waaqayyoo isa guddaa kan deeggaru dha. Sababiin Inni Hewaaniin akkauumama lammaffaatti uumeef isa kana. Hubattanii? Isheen utuu akka dhalaa warrakaaniitti uumamte ta'ee, yeroo yeroon wal quunnamtii ishee barbaachisuttihiriyaa ishee barbaaddatti turte; garuu isheen yeroo kamitti iyyuu barbaaduudandeessi. Hubattanii? Karaan isaa isa kana, inni egaa akka kana. Ani dhugaadhumatti…Isakana keessa gadi fageenyaan hin lixnu, sababiin isaa, Gaa'eelaa fi Gaa'ela Hiikuu, fi kan biroo keessattis ibsameera waanta'eef. Attamittis…Garuu amma iyyuu isheen ulfina qabeettii fi durbummaa isheesana fiddee dhufte, isa kana attamitti akkan galgala sana lallabe isinuubeektu. Tole egaa, hubadhaa, itti gaafatumummaa guddaatu ishee harka jira.

Garuu gugeen yeroo hundumaa hiriyaa isaatiif amanamaa dha. Yeroohundumaa! Gonkumaa ishee hin dhiisu.

46 Mee isa kana asuma irratti dhaabeen, kana dubbadha: Misirrottiinisheen dhugaan, gugee ishee dhaltuun, akkasuma Hiriyaa isheetiif amanamtuu dha.Isheen doogimaa (dogma) wayii, barsiisa damee amatii kamuu, waan biyya lafaakamuu hin waraannattu. Isheen Hiriyaa jaalalaa ishee Isa ta'e, Dubbii SagaleeWaaqayyootiif amanamtuu dha; yeroo hundumaa in amanamtiif.

Amala mana jaallachuu isaa kanaan, amala mana jaallachuu isaatiin,inni bifa galma ga'iinsa guutuu ta'een gugeen baattuu ergaa ta'ee tajaajila.Yoo bakka kamitti iyyuu gadi dhiiftan, inni yeroo hundumaa mana waan jaallatuufdeebi'ee gala. Inni deebi'ee manatti gala.

Isa kana irratti xiqqoo jabeessinee waan ilaalluuf, maal jechuuakkan barbaade isin kristaanonni in hubattu jedheen yaada. Inni yeroo hundumaakaraa irra dhufe qabatee manatti waan deebi'uuf, akka simbira ergaadeddeebiftuutti gargaara. Yeroo waraanaatti, isatti gargaaramu; yeroo amma kanaiyyuu ergaa ittiin waliif deddeebisuuf itti gargaaramu. Kanaafis, yoos egaagugeen Waaqayyoofis namaafis ergamaa ta'uu isaa ti; gugeen ergamaa dha. InniNohiif ergamaa ta'ee, Nohiin, "Nagaan deebi'ee bu'eera" jedhe. Waaqayyo isattigargaaramee kun Ilma Isaa ta'uu dhugaa ba'ee, "Aarsaa nagaa biyya lafaattifiduu fi nagaa namootaa fiduuf dhi'aate" jedhee ifatti baasee Isa beeksise.Inni akka ergamaatti tajaajile.

47 Kunoo amma anis seenaa xiqqoo tokkon of harkaa qaba, innis kitaabatokko irraa kanan dubbise dha. Tariin yoon irra ejjedhee dubbachuu dhaabaadheiyyuu, Kufaatii Waraana Addunyaa IsaDuraa, kan jedhu irra jira. sirrii ta'uu isaa hin beeku, yoo argachuudhabdan, dogoggoruu koo ti. Yookiin immoo kitaabaa… irraa dubbisaa, yeroon isaabaay'ee tureera. Garuu dhugaadhumatti wanti sun taatee baay'ee ajaa'ibsiisaadha.

Yeroo sanatti loltoonni Amerikaa utuu boolla da'annoo wayii keessajiranii, warri Jarmanii maashinii qawwee ibidda roobsu qabatanii isaanittimarsan. Isin warri loltuun, akkaataa isaan itti iddoo tokko basaasan in hubattujedheen yaada. Isaan kan marfaman yoo ta'u, meeshaan isaan jalaa dhumeemuraasatu man-kuusaatti isaaniif hafe ture. Jarmanoonni immoo tokkummaaguddaadhaan bakka hundumaa socho'aa jiru turan. Kana irratti, humana dabalataatokko yoo argatan malee, gargaarsa dabalataa yoo argatan malee, yeroo dhi'ookeessatti du'uu akka danda'n hubatan; warri Jarmanii kallattiidhaan tulluuirraa gadi isaanitti jigaa jiru turan, kallattiidhaan morma isaanii gadiilaalaa isaaniitti deemaa jiru turan.

48 Achumaanis isaan keessaa namni tokko gugee tokko akka qabuyaadate. Kanaafis yoo gugee kanatti ergaa wayii erge, gugeen kun iddoo wiirtuubuufata loltoota isaaniitti akka isaaniif geessuu danda'u hubate. Kanaafis innigadi taa'ee xalayaa barreessuu eegale, "Nuyi naannoo akkasiitti, qixa akkasiitti diinaan marfamnee jirra. Nuyimeshaa of harkaa fixneerra, nuyi sa'aatii muraasa keessatti harka kenninayookiin in dhumna" jedhee barreesse. Sana booda koola gugettii hodhanii,yookiin miilla gugettiitti hidhanii gadi dhiisan.

Egaa, inni simbira mana jaallatu dha, kanaafid inni…Inni maalgochuuf deema? Inni hiriyaa isaa manatti arguuf gara maatti deebi'aa jira. Isheenwaa'ee isaa waan dhiphattuuf, inni gara manaatti deebi'uutu irraa eegama.

49 Akkuma inni deemeen, warri Jarmanootaa waan ta'e sana hubatan.Kanaafis isaan gugichatti dhukaasuu eegalan. Isaan keessaa inni tokko qawweeabbaa baaruda soddomaa itti dhukaasuudhaan miilla isaa cabse. Inni tokko immooisa dha'ee, gumaa foon wayii karaa dugda isaa cabsee baase. Lapheesaa waraaneegarasiin baase. Baalleen isaa tokko cabee hokkole, dhukaasni inni dhumaa isahin arganne, innis balali'uusaa gara fuulduraatti ittuma fufe. Balali'uu isaaittuma fufuudhaan, dhuma irratti bakka yaade ga'e. hokkolee, madaa'ee,caccabee, waraanamee, xumura irratti ergicha baatee mooraa waraanaa sana keessattikufe. Egaa, inni gugee jabaa ture.

Garuu, oo, yaa obboleessa koo, Isaayaas 53 immoo waa'ee Nama Manaagadi dhufee fi kunis kan

ta'eef hunduu gaarii akka ta'uuf akka ta'e, nuttidubbata.

Inni garuu balleessaa keenyaaf inwaraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akkaargannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame.

50 Dhukkubni, amantiin akkasumaanii fi seexanni nu marsee, karaabaanus dhabnee turre, waldaan karaa sirrii hin ta'in irra buute, isaan karaairraa goranii wantoota damee amantii duukaa sokkan (warri fariisotaa, warrisaaduqootaas gaanii fi burcuqqoo dhiquu duukaa badan), kana gochuudhaanisDubbii Waaqayyoo in busheessu turan. Sana booda Gugeen garraamiin sun gadidhufe, wanti raawwachuu danda'u waan tokko qofaa dha: Innis furiin ilmaannamootaa dhufuun dirqama ture.

Garuu, Inni madeeffamuudhaan, caccabsamuudhaan, reebamuudhaan,waraanamuudhaan, gara Mana Isaatti deebi'ee akka galu in beeka. Kanaafis fannooQaraaniyoo iddoo isaan itti Isa buruqsan, Isa caccabsan, Isa tarsaasan irraa,iddoo isaan akka yeyyiitti Isa irratti lafa dha'an irraa ka'ee, Inni balaliiIsaa Qaraaniyoo irraa, “Raawwatameera” jedhee ka'uudhaan iddoo ga'umsa Isaabalbala Waaqa irraa buufate. Raawwatameera! Isaan birmaduu dha! Dhukkubsataanamma fayyuu dabda'a! Cubbamiinni fayyuu danda'u! warri hidhaman gadi dhiifamuudanda'u!

Inni madaa'u iyyuu, buruqfamu iyyuu, yeroo namni hunduu Isaanmormutti lolli guddaan sun achitti adeemsifamuudhaan…Walaleessaan sun illeeakkas jedhee boo'e:

Utuu kattaan dadayya'uu fi samiindukkanaa'uu,

Fayyisaan lubbuu koo mataa Isaa buuseedu'e;

Garuu golgaan tarsa'ee karicha in inagarsiise

Gara gammachuu Waaqa irraa fi guyyaadhuma hin qabneetti.

51 Jireenya koo guutuu dhukkuba naasuun dhiphachuu (neurosis)jedhamun qaban ture. Ijoollee xinnnoo ta'ee utuun jiruu wanti ta'e tokkotudha'ee na naasise, waggaa torba torbaan yeroo hundumaa natti deddeebi'ee narakkisa. Yeroo wanti kun na jalqabe obboleessi keenya Jaak in yaadata, hojiidirreetiif deemeen waggaa tokko booda deebi'ee gala jiran ture; yeroo sanattiegaa wanti ta'e tokko ta'e.

Guyyaa Ju'aanitaa Heemfiil…nan yaada dha. Akkan yaadutti maqaanishee yeroo ammaa Ju'aanitaa Kellii dha, isheen erga abbaan manaa ishee du'eebooda obboleessa keenya Kelliitti heerumte. Aannaa Jiinnee, suuraa isaanii fiwantoota biroo nan qaba, isaan attaam…turan. Isheenis…Ijoolleen durbaa lamaansunii fi obboleettiin keenya Mooreen gurmuu nama sadiitiin faarfannaa miidhagasana nuuf faarfatanii turan. Faarfannaa isaan faarfatan sana, ani raawwadheehin irraanfadhu: Lixa Biiftuu GarasittiArgina. Obboleessa koo Jaak, ni yaadatta jedheen yaada, yeroo sanaFilooriidaadhaa ol dhufaa turre. Maal shamarran gaggaariin namatti tolanakkasii.

52 Guyaa sana ganama nan yaadadhaa, gurmuun warra Pheenxeqoostaaliitokko as gara olii kana, gara kaaba biyyattii, Michigaan keessa iddoo ta'eeirraa kan dhufan, ijoollee durbaa achi ba'anii dhaabatanii yummuu obbolleessikeenya Hooper…Galgala dheengaddaa ani asitti isa argeera, inni tarii amma ashin jiru ta'a, obboleessa koo Eed Hooper. Obboleessa koo Eed, as jirtaa?Inni…hin yaadu. Galgala dheengaddaa as keessa ture. Baay'een keessan isabeektu. Innii, anii fi obboleessi keenya Hooley taanee deemsaaf ka'aa turre.Ijoolleen durbaa sun faarfannaa sana qarqara duubaa sana dhaabataniifaarfachaa, tokkoon tokkoon isaanii, ilillii arfaasee (rose) bifa keelloorefaan mataa isaanii keessaa luluqqisanii nuuf kennan. (Inni egaa as goda kana, iddoo itti namichimaraatuun sun fayye dha, yeroo sanatti wantoota gurguddaatu hojjetame.)

Hamman danda'utti gammadaa, daandii qabadhee akkuman ol dhufaajiruun, naasuun guddaan narratti lafa dha'e; kunis lammata dirreettideebi'uutiin waggaa tokko dura, dhugaadhumatti inni dha'ee na ajjeese.

53 Ijoollummaa kootii jalqabee, yeroo hundumaa, mul'atichi maal akkata'e hin beekun jedha. Ijoollee xinnaa ta'ee, yeroo hundumaa, “Of wallaaleemul'ata sana argee, utuun maalummaa isaa hubadhee, natti fooyya'a ture” jedheendubbadhan ture. Yeroo sanatti…Yeroo hundumaa Maayoo deemee rakkoon isaa maalakka ta'e baruun barbaadan ture. Doktooronni achi jiran…

Garaachi koo natti dhangaggaa'e; yaa anaa! Obboleessi koo Jaaknaannoo manaa sanatti na gargaare. Naannoo manichan deeman ture; wanti akkabishaanii wal harkisaan wayii afaan koo keessaa gadi yaa'uu jalqabe. Ani waltajjiitti ol ba'ee yeroon namootaaf kadhadhu dhukkuba harka lama kan koo caaluirraa fayyu turan. Namicha kaanseriin fuula isaa qabate irra harka koo kaa'eekadhadheefii, battaluma sanatti kaanseriin fuula isaa irraa bade; ani immoohangan dhaabachuu dadhabutti na dhukkube.

54 Waanan ittiin dhiphachaa ture warri hin beekne, dhiphina sammuuture. Guutummaa jireenya kootti, waggaa torba torbaan natti dhufa, innis iddoonamma jiru kanatti ture, torba yeroo saddeettaffaa ta'uu

isaa irratti tureyeroon sun.

Kanaafis nan dhiphadhe; nan boo'e, nan kadhadhe.

Egaa xumura irratti yeroon qorannoodhaaf kan na ga'u horii waliitiqabadhetti warra Maayoo bira deemuu akkan qabu yaaduu koo nan yaadadha;"Rakkoon kee maal akka ta'e isaan bira in ga'u" naan jedhan. Haati manaa koo,Beekiin duuba sana kan jiran…Saaraan yeroo sana baay'ee xiqqoo turte. Yeroosana tajaajila fayyisuu keessa seeneen jira. Egaa gara warra Maayoottiqajeelle.

Gara kilinikaan deeme. Galgala gaafan...dura, gaafan akka borumtaaisaa xumuree ba'uuf jedhuutti, hirribaa dammaqee siree irra taa'een naannoosana ilaalan ture. Yeroon fuula koo dura ilaalutti, mucaan xinnaan umuriiwaggaa torbaa ta'u, guutummaatti kana na fakkaatu achi ture, ani gara isaa nanilaale, innis immoo anuma. Inni gufuu mukaa wayii bira dhaabata ture. Muka sanaiarrattis…

55 Isin warri hilleettii adamsuu beektan, hilleettiin hallayyaa wayiikeessaa naatee akka baatu gochuuf muka walitti rukutuun barbbaachisaa akka ta'ein beektu.

Egaa iddoo hilleettiin sun jirtu ilaalaan, "Maal hilleettiin akkasii?"jedheen yaadan ture, mukichas walittin rige. Yummuun kana godhutti, olilaallaan anadha, yeroo sanatti ani nama waggaa soddomii saddeetii yeroon ta'u,mucaan xinnaan sun ija koo duraa sokke. Yummuun gufuu sana walitti rigutti, boollawayii keessaa hilleettii xinnoon hanga kana dheerattu, kan bifti ishee magaalagara gurraachaatti siqxu, kan wanti akka bishaan wayii ishee keessaa coccobutokko as ba'e; waan xiqqoo fi iji isaa xixinnoo, waan jibbisiisaan jireenya kookeessatti arge yoo ta'u, hilleettii irra gara tuqaatti kan gaashu ture.

56 Innis kallattiidhaan gara koo ilaale. Anis, "Tole egaa…" jechuufanafaan koo saaqqadhe. Yummuun akkas godhuttis, inni…Battala libsuu ijaatti,balali'ee afaan na lixee, kallattiidhaan gara garaacha kootti gadi bu'ee, gumaagumaatti na tatarsaase. Battaluma sana yummuun mul'ata sana keessaa dammaqetti,harka koo ol qabaa, ilaalaa, "Oo, yaa Waaqayyo, natti araarami! Inni naajjeesaa jira!" jedhee iyyaan deeme.

Kutaa manichaa gara gadii keessaa sagalee, "Yaadadhu, inni iinchiija'a duwwaa dheerata" jedhun dhaga'e.

Seena kana namoota meeqatu dhaga'e? Namoonni naannoo mana sagadaajirtan, yeroo baay'ee isinitti himeera.

Tole egaa, baruma deebi'ee dhufu hundumaa akkasitti na dhiphisature.

Obbolaan lamaan, ijoolleen Maayoo borumtaasaa qorannoo naafgodhan. "Abbaan kee nama Aayerlaand ti, inni in machaa'a. Haati kee Hindiita'uu ishee irraan kan ka'e, walakkaan walakkaadhaan sanyii garaa garaa irraakan dhalatte si taasisa. Kanaafis rakkoo naasisaa kana keessaa gonkumaa ba'uuhin dandeessu" naan jedhan. "Kana irraan kan hafe, ati fayya qabeessa. Garuuinni kun waan lubbuu keessa jiru yoo ta'u, waan namni ittisuu danda'u miti"naan jedhan. "Namni akkasii yeroodu'utti, qorannoo reeffaa isa hin barbaachisu, sababiin isaa lubbuun isaadeemeera waan ta'eef" naan jedhan. "Egaaisa kana irraa fayyuu hin dandeessu" naan jedhe.

57 Namichi, doktoorri koo durii sun, "Abbaan koo dhukkuba kana qabature, inni umurii waggaa saddeettamii shanii, naannoo waggaa Sagaltamaattidu'e" naan jedhe. "utuu inni hin du'in ji'a tokko dura, yookinn ji'a lama duraqorannoo godheefiin ture; jireenya isaa guutuu ittiin dhibamaa ture, qorachaisatti godhanii turan" naan jedhe.

"Namoota tokko tokkotti baa'ee cima, kan si ajjeesuu danda'u gosakana dha. goti kan biraan immoo, akka dubartii marsaan laguu ishee dhaabachuujala ga'ee ti, isaan boossisa. Gosti dhukkuba isa kanaa baay'isee kan humnanama buusu dha. Isa kana jaarsoliin, 'dhiphina sammuu qaba' jechaa kan turanyoo ta'u, inni kun raawwatee isaan hin dhiisu. Inni kun yummuu sidha'utti, garaachi kee in dhangaggaa'a;si dadhabsiisas" naan jedhe.

Ani immoo, "Garuu, obbo, waan tokko iyyuu hin godhu. Anigammachuun qaban" jedheen.

"Kun sirrii dha. Inni kun kennaa dhala namaaf kennamu keessaatokko" jedhe. Itti fufees, "Isa kana yeroo hundumaa in qabaatta" naan jedhe.Oo, maal wanti akkas hamilee nama buusu!

Garuu sagalee deddeebi'ee, "Yaadadhu, inni iinchii ja'a duwwaa kandheeratu dha" jedhu sana nan yaada, innis immoo isa natti rarra'ee jisu sanayoo ta'u, haati manaa koo duuba sana teessee jirtu isinitti himuu dandeessi.Waggaa waggaadhaan waa'ee isa kanaan yaada ture.

58 Egaa yeroo sanatti, yeroo xumuraa sanatti yummuun tajaajilaqaxxaamura biyyaa deemetti, ani… duran ture. Tole egaa, tajaajilaa gara manaattideebi'een, hilleettii adamsuuf deemee ture. Obboleessa koo Baankis Wuud, ammakan nu dhaggeeffataa jiruu wajjin konkollaataa irraa utaalee bu'een, garatulluutti ol fiiguu jalqabe, onneen koo hamma na keessaa lafa dha'uttidhikkifata ture.

Dokteer Saam Adaa'iriin akka jedheen gaafadhe, "Inni maal?"jedheen gaafadhe.

Inni immoo, "Yeroo itti aanutti qaorannoo onneetu siif godhama"naan jedhe.

"Tole, haa ta'un" jedhe.

Kaanaafis ammas waggaa itti aanautti deemeen qorannoo onneetaasifadhe. Inni, "Onneen kee rakkoo tokko iyyuu hin qabu. Ati akkasumaandhiphitta" naan jedhe. Yeroo sanatti amansiisuu jalqabe.

59 Tole egaa, dokteerri hiriyaa koo ta'e kan biraan tokko immoo,"Gurbaa, kun rakkoo onnee keetii ti, yoof of eeggannoo goote siif wayya" naanjedhe. Barri sun baran obboleessa keenya Mooreef bilbillaan, inni nama iddookoo lallabu tokko argate dha, yeroon tuntunoo sana adamsuuf obboleessa keenyaFreed wajjin deemee ture dha. Akkuma isa yeroon waggaa kudha ja'a tureettinariitiidhaan gara tullichaatti ol ba'aa ture; maayiliidhaa gara maayiliitti,utuun waan tokko hin dadhabin fiigee fiixee gaaraatti ol ba'e. Hubattanii?

Deebi'ee galeen obboleessa koo Saamitti hime. Innis, "Rakkoowayiitu jira, utuu of eeggattee siif wayya" naan jedhe.

Sana booda mul'ata keessaan, utuu doktoorri jaarsi tokko…qabateedhaabatuun arge, dokteerri mala wal'aansa duriitti gargaaramu tokkoIstetoskoppii saggoo isaa irra buufatee dhaabata ture. Guyyaa tokko inni fuulakoo dura dhaabatee, "Isaan, 'Onnee keeti siin jedhaniif tole hin jedhin,' innigaraacha kee ti" naan jedhe.

Kanaafis, "Tole, sagalee kana fudhachuun qaba, sababiin isaa, innimul'ata waan ta'eef. Sirrii dha" jedheen yaade.

60 Qophii gara Afrikaa deemuun jalqabe; talaallii muraasa naafkennan. Gara Afrikaa deemuu kootiin dura talaallii gosa baay'ee fudhachuutunarraa eegama ture, kunis immoo seera. Yummuun marfee kana fudhachaa jirutti,inni, "Maaliif, rakkoo tokko illee sirratti argaa hin jiru'oo" naan jedhe."Heemoogiloobiiniin kee, dhiigni kee sagaltamii ja'a, inni sagaltamii ja'a dha.utuu nama umurii kudha ja'aa taatee iyyuu kana irra kan caalu hin ta'u" naanjedhe. Itti fufees, "Hanga umurii waggaa dhibbaatti iyyuu dha'achuuf jabinaqaba. Sombi kee, wanti hunduu, ati nagaa dha; sukkaara hin qabdu, waan tokkoiyyuu hin qabdu" naan jedhe.

Ani immoo, "Galatoomin" isaan jedhe. Kanaafis waraqaa qorannoofayyaa kootii gara boordiittin dhi'eeffa dhe.

Kanaaf, inni, "Waa'ee isaa waan tokko iyyuu hin beektuu?" naanjedhe.

Anis, "Waan tokko iyyuu garuu yeroo hundumaa walitti fufiinsaangaraachi koo na guba" jedheen deebiseef.

Inni immoo, "Tole egaa, sittan hima" naan jedhe. Inni akkas jedhe…

Ani immoo, "Oo, qoratamaan ture. Obbolawwan Maayoo fi iddoohundumaa biratti qoratamaan ture" jedheen deebiseef.

61 Inni, "Mee xiqqoo turi" naan jedhe. "Yeroo tokko tokko, madaangaraachaa xinnaachuu isaa irraa kan ka'e baariyeem miiliin (barium meal)agarsiisuu hanga dadhabutti ga'a; yeroo tokko tokko immoo baay'ee guddachuuisaa irraan kan ka'e agarsiisuu dadhaba, sababiin isaa Eksi raayiin (X-ray)gaadidduu qofa waan ta'eef. Madaa baay'ee xiqqaa ta'e arguu hin dandeessu, inniqabamuuf ga'aa miti. Guutummaan madaalee xixiqqoo mul'achuu hin danda'u" naanjedhe. Itti fufees, "Ol gubbaa kanaa doktoota meeshaa ammayya'aa qabu tokko nanbeeka, isaan xiqqoo akka si raffisuu godhanii Soodiyeem pentotaalii, ujummoo wayiilaagaa kee keesaa galchanii, garaacha kee keessa ilaaluudhaan rakkoon isaa maalakka ta'e baruu danda'u" naan jedhe. "Inni nama akka keetii ti, inni akkuma keeKristaana" naan jedhe. "Maaliif deemtee isa biratti hin ilaalamtu" naan jedhe.

62 Maqaa isaan fudhe: Dr. Vaan Raavensiwoorzi jedhama. Kanaafuu,yeroon deebi'etti, dokteera jedhame sana biratti ilaalamuun deeme. Oo, inninama gaarii dulloomaa biyya Dachii, Iist Indiis irraa karaa toora mishiineriiguddaa tokkootiin dhufe. Inni waa'ee koo kan dhaga'ee fi kitaaba koos namadubbise ture, egaa, Oo, inni harka na fuudhee, "Obboleessa koo Branhaam, isasiif hojjechuu koof gammachuu guddaatu natti dhaga'ama" naan jedhe. "Waangochuu qabdun sitti hima; torban dhuftu as gara hospitaalaa dhufta. Utuu garasana hin dhufin dura naaf bilbili, pentoteelii xiqqoo si waraanuun qaba. Yeroonkana siif godhus daqiiqaa shaniif akka raftu si taasisa" naan jedhe.

Intalli koo isheen xiqqoo fi intalli obboleessa koo Noormaan ilkaanbuqqifataniiru. "Hirribni daqiiqaa shanii nah in rakkisu" jedheen yaade.Kanaafuu, ilaaluu isaaniitiin, garaa koo nan ciibsadha jedheen yaade.

63 Egaa borumtaa isaatti, siree irraa ol jedheen naannoo koo yummuunilaalu siree lakkuun achitti arge; haati manaa koo fuullee koo ciiftee kanjirtu yoo ta'u, isheen amma iyyuu hin dammaqne. Foddaa keessaan gara iddoonjiraachaa turee, gara Tulluwwan gurguddoo Kaataliinaan ilaalaan ture, ol gubbaaiddoo Ergamaan Gooftaa billaa harka koo keessa kaa'e, iddoo ErgamoonniWaaqayyoo torban inni isin footoo irratti argitan itti mul'atee fi wantoonnigurguddoon iddoo itti raawwataman sanan ol ilaalan ture.

Utuun ilaalaa jiruu, akkuman ilaalaa jiruun, ammas iddoo mukichaan,kallattiidhaan iddoo hilleettittiin turten dhaabadhan ture. Iddoo sana olilaaleen, "Sun holqa hilleettittii ti" jedheen yaade. "Amma iyyuu achijiraachuun isaa nama hin dhibuu?" jedheen yaade mul'ata keessa. Yummuu inniba'ee dhufuu jalqabetti, mukatti da'adheen dhaabadhe. Utuun ija koo hinlibsatin…Inni hilleettiin hanga jireenya kootti arge keessaa adda kan ta'e dha;egaa amma, tajaajila koo keessatti mallattowwanii fi wantoota kana beekuufjirtu. Inni gara kootti utaale, garuu na in arganne; inni afaan koo hankaakee,laphee koo irra bu'ee lafatti kufe.

Battaluma inni kufetti, sagalee, "Gara Tulloota Kaataliinaa deemi"naan jedhun dhaga'e.

64 Kanaafis of duuba gala galeen, "Meedaa, dammaqteettaa, Damma koo?"isheen jedhe.

Isheen immoo, "Maal taate?" naan jette. Yeroon sun ganama bariikeessaa naannoo sa'aatii kudha tokkoo ture.

"Yaa Damma koo, gara bakkee kanan ilaalaa ture, achumaanishilleettii sanan ammas argen" isheedhaan jedhe.

"Hilleettii maalii?" naan jette.

"Isan warra Maayoo bira utuu jirruu arge" jedheen deebiseef. Ittifufees, "Maal akka ta'e beektaa? Inni afaan koo miliqe, inni raawwatee na hinrukunne, inni laphee irra bu'ee gadi kufe" jedheen isheetti hime. "Waaqayyo haajajamu! Oo, ijoollummaa kootii jalqabeen argaa ture, kun utuu raawwatuuwaggoota dheeraadhaafan argaa ture. Utuun waan ta'aa ture sana hubachuudanda'ee…Mul'anni sun maal akka ta'e utuun hin barin dura, yeroon waan ta'ukana maalummaa isaa barutti, 'nan fayya. Wanti natti dubbatamu maal illee yoota'e, waan jedhame nan ta'an' jedha ture. Wantin waggoota afurtamaaf eegaature, kunoo in raawwate" jedheen isheetti dubbadhe.

Duraan yeroon warra Maayoo bira turetti, yeroodhuma sanatti yeroonol gubbaa sana turetti, isaan egaa sana naaf kenninaan, mul'ata sana ilaalee…

65 Haati koo amma iddoo Ulfinaa deemteetti, isheen nama addaa turte.isheen jireenya ishee keessatti abjuu gara sadii moo afurii kan abjeette yumuuta'u, innis yeroo hundumaa abjuu dhugaa ture. Isheen natti himti, yeroo isheennatti himuu jalqabdu, ani immoo, "Achumatti dhaabi…Immammaa, guutummaa isaasittan himan" isheedhaan jedha ture. Hubattanii?

Sababiin isaa, yeroo hundumaa hiikkaa abjuu tokkoo baruuf yoonatti fiddan, abjuun sun maal akka ta'e natti himuun yeroo hundumaa isin irraahin eegamu. Yummuun irra deebi'ee ilaalutti, akkataadhuma isin ittiabjoottanittan abjoo dha, sana booda Inni hiika isaa natti hima. Hubattanii? Abjucha natti humuun hin barbaachisu, InniOfii Isaatii abjucha naaf kenna. Sana booda, "Tole egaa, ati kanaa fi sana natti hin himnen" jedha. Hubattanii? Waaqayyo Inni abjuuhiiku, abjuu namatti mul'isuu danda'a; Inni abjuu tokko yoo mul'ise, isa inhiika. Sana booda…

66 Tole egaa, wanti akkasii Macaafa Qulqulluu keessatti, wanti, "Atiyoo…dandeesse" jedhu hin jiruu? Ani…Wanti gara koo dhufeera. Daani'eel, isamitii? Lakki. Yooseefi dha. Tole egaa, inni kun Macaafa Qulqulluu keessa iddootokko jira. "Yoo natti agarsiisuu dandeesse…" kan jedhu nan yaada dha. Oo, Innimootii Nebukadnezaar ture, kun sirrii dha. "Yoo dandeesse…Yoo danda'uudhaabaatte…" jedhe.

Warri ayyaana hedaniin, "Abjucha natti himaa" jedhe.

Inni, "Dubbiin isaa ana biraa citeera" jedhe. Kun sirrii dha, isakana nan yaada dha; waan yeroo sanaa nan yaada dha.

Amma hubadhaa. Immammaan yeroon deebi'ee galetti, "Biilii, kottumee ilma koo, as taa'i" naan jette. "Abjuu adda ta'e tokkon abjoodhe. Akkumakanaan duraa, garaacha keetin dhukkubsattee hamma du'aatti utuu ati geessuunabjoodhe" naan jette. Nyaata gosa meeqa naaf hojjette seetan! "Tulluu irrattimana ijaaraa turte. Gugewwan ja'a waaqakeessaa qubee 'S' tiin weeddisaa gadi dhufanii qoma kee irra qubatan. Ati immooin ilaalatta turte, inni gara fuulduraa jiru immoo waan ta'e tokko sitti himuufyaalaa ture. Isaan dhugaadhumatti cululuqoo fi gugee adii turan. Isaan mataa isaanii sirraa achi galagalchanii weeddisaa sokkan. Kun maal akka ta'e hubachuu hin dandeenye. Isaanweeddisaa sokkan" naan jette.

Ani immoo, "Oo, ani isa beeka, Gooftaan haa ulfaatu! Isaan ammasqubee 'S' ammas uumanii gara samiitti deebi'an, weeddisaa gara manaattideebi'an" jedheen isheetti hime.

Tole egaa, bineensi xiqqaan ani arge sun iinchii ja'a kan dheeratuture. Gugeen toora galanii utuu jiranii immammaan argites ja'a turan, ja'ahir'uu dha. Guyyaa tokko isa torbaffaa akkan argu nan beeka. Inni kun namadhiphina irra jiru dha; akkuma kanatti deddeebi'ee in dhiphata ture.

67 Ganama gaafa sanaa, ergan mul'ata kana argee booda hirribaandammaqe; Gooftaadhaaf nan abboomame. Ilma koo xinnaa, Jooseefiin manabarumsaattin geesse. Inni amma Tuuksan taa'ee na dhaggeeffachaa jira. manabarumsaatti isa geesseen, yoom akkan deebi'ee galu hin beeku jedheen Meedaattihime.

Sana booda gara Kaataliinaattin qajeele, gara gaarawwan miilajalaattin ol ba'e, achumaanis gara iddoo Ergamaan Waaqayyoo billaa harka kookeessa kaa'eettin ol ba'e. Yeroon Tulluu yaabbachuu jalqabu, dhugaadhumattiganama barii ture.

Tole egaa, gara fiixee tullichaatti karaa kanaan (iddoo bofti baay'een, qeensaan qabduun jirtu,Ariizoonaa maal akka taate isinuu beektu) ol ba'uu dhiseen, gara mirga koottigore; wanti ta'e tokko, "Gara mirga keetti gori" naan jedhe. Gara fiixeeisaattin ol ba'e; achumaanis nan naanna'e, kattaa gurguddaa harka baay'ee manasagadaa kana caccaalu yaabeen bu'een naanna'e, dhaan kun fiixee tullichaa irracisiisee waan jiruuf baay'ee kan nama rakkisu ture.

68 Gara naannoo sa'aatii shaniitti, gara holqa xiqqoottiin deeme,duuba iddoo…iddoo xiqqoo wayii, karaa diiriin irra deemtu kan akkasitti deebi'e wayii irran bu'e. Shamiziikoo of irraa baasee, koffiyyaa koo harka kootti qabadheen ture, sababiin isaadafqi narra cite waan tureef. Kanaafis yummuun gara holqa sanaatti galagaluttu, gara holqa sanaatti gala galeen iddoo sana Jiraachuu Waaqayyootu nattidhaga'ame. Koffiyyaa koo of irraa fuudheen naannoo koo ilaaluu jalqabe. "Inniiddoo ta'a tokko jira. Nan beeka Inni as jira" jedheen yaade. "Maal inni kun?"jedheen yaade. Xiqqoo gara fuulduraattin adeeme. "Gooftaa, Ati kunoo as iddoota'e tokko jirtan" jedhe.

Yummuun ilaalu hilleettii xiqqoon tokko karaa irra ciiftee turte;inni gara waan ta'e tokkootti utaalee qaqqabuu dadhabee gurmuu muka adaamiitokkotti tukutame. Inni mataa isaa, qoma isaa fi garaa isaa waan rukuteef indu'e. Hilleettiin adaamiitti buute sun, hilleettii bifa addaa qabdu, isheeafaan koo lixuu miliqxee turte sana dha. Sagaleen Gooftaa, "Diinni kee du'eera"naan jedhe. Achuma dhaabee nan roqome. Miilla koo fudheen…

69 Yeroo baay'ee allaattiitu lafaa kaasee isa nyaata. Guyyoota lamabooda bofa tokko ajjeeseen ture, inni gara walakkaa sa'aatiitiif karaa irraciisee ture. Joobiraa fi allattiin marsaa waan oolaniif battalumatti lafaakaasu. Bofa diimtuu tokko ajjeeseen ture, lafa kana irratti bofti balaafamaanakka isaa hin jir; guyyoota muraasa booda ana bira ciisee jira ture. Fuudheegaleen agarsiisa jedhee yeroon deebi'uu jalqabutti allaatiin achiin darbaa turefudhatee ture.

Inni yeroon mul'aticha arge irraa jalqabee achi ciisee ture,guyyoota lama dura tureera; nan amana, inni guyyaa sambataa kan ta'e yoo ta'u,kanan achitti ol ba'e immoo wiixata ture. Kanaafis inni du'ee achi ciisee jirature. Miilla koon mataan isaa buruqseen ajjeese.

70 Naanoo sanatti deebi'een ammas gadi taa'e; achi gadi taa'een takkaboo'ee kadhadhe; fageenya maayilii hedduu irratti Tuuksaniin of gajjallaattiilaalaa.

Of irra galgaleen duuba deebi'ee dhufe, inni amma iyyuu achiciisee jira. Yummuun holqa sanatti ol lixu Hafuurri Waaqayyoo ammas ana irradhufe.

Achi keessa deemuu ittuman fufe, tullicha irraa gadin bu'e. Manattiol seeneen haadha manaa kootiin, "Daamma koo, akkamitti akka ta'e hin beeku,garuu ani kana irraa fayyuufan deeman" jedhe.

Dr. Raavensiwoorzi yeroo qorannoo sana naaf godhetti, "Fayyuungonkumaa siif hin danda'u" naan jedhe. Inni marfee peentotaalii kan daqiiqaashan na raffisuu danda'u naaf kenne, ani garuu sa'aatii kudhanin rafe. Wantisun, aspriiniin sun iyyuu hirriba natti buuse. Kanaafis isaan…Inni marfee nawaraanee, ujummoo sana liqimsituu koo keessa galche. Yeroon borumtaa isaadeebi'ee dhaqetti, "Nama Waaqayyoo, kana sitti himuu hin jaallanne, garuu,dhaabni garaacha keetii baay'ee jabaataa dha, inni baay'ee gogeera" naan jedhe.Jechi inni itti fayyadame jecha gaastiriitis(gastritis) jedhu yummuu ta'u, anijecha kana takkaa argee hin beekun ture. Yeroon galmee jechootaa irra galeeilaalu, hiikkaan isaa, "Wanta gogee solloqqaa'e tokko" jedha. Inni itti fufee,"Irraa fayyuu hin dandeessu, yeroo hundumaa in qabaatta" naan jedhe. Utuun mul'ataGooftaatiin hin argine ta'ee, nama abdiin isaa gar-malee citen ta'a ture.

71 Guyyaa itti aanuttis wanti ta'e, "Gra Tullichaatti deebi'i" naanjedhe.

Guyyaa sanattis karaa tokko irra deemuu mannaa jedheen, karaabiraa irra bu'e. Iddoo sana dhaabadheen dura koo ilaalan ture; yeroon ilaalufuula koo dura gugee inni torbaffaan, gugee adii xinnaan tokko fuula koo duraqubatee jira. ija koo haxaa'adheen, "Dhugaadhumatti kun mul'ata; dhugaatti, kunmul'atan" jedhe. Anis gara isaa ilaalaa,"Yaa gugee miskiinanana, eessaa dhufte?n" isaan jedhe. Dhuguman jedha, innibaay'ee bareedaa fi adii kan ta'e ture, inni gugee sookkee ta'uu qaba; gosa

kamiyyuu haa ta'uu, inni lafa onaa sana keessa jira ture.

Waaqayyo Inni Hundumaa danda'u, Inni Yesus Kristosiin du'aa kaase,Inni ani garbicha Isaa ta'e, Inni Dubbiin Sagalee Isaa banamee fuula koo durajiru, dhugaa malee soba akkan hin dubbanne in beeka.

Gugeen sun achuma taa'ee jira, taa'ee gara koo ilaala ture.Deemeen achi itti siqe, "Dhugaa dha,kun mul'ata" jedheen yaade. Of irra galagaleen duuba koo ilaale, inni achuma qubatee jira; baalleen isaa akka cabbieaddaata; miilli isaa qaqallee bifa keelloo ti; uuruun isaa xinnoon sunis bifakeelloo kan qabu yoo ta'u, iddoodhuma sana taa'ee gara koo ilaala ture. Innikallattiidhaan gara lixa biiftuu ilaalaa ture. Akkasitti deemeen gara isaatti siqe, waan tokko gochuuf, ani isattihin buune. Karaa qabadheen ol deemuu koo itti fufe; yeroon of duuba gala galeeilaalu, inni amma iyyuu gara koo ilaala ture.

Obboleessaa, ilma Abrahaam hamman ta'etti, waan dokteerri naanjedhu hin fudhadhu, attam yoo ta'e iyyuu fayyuufan jira!

72 Guyyaa sadaffaadhaaf deebi'een deeme, gara fiixee gaaraattin olba'e. Baay'een keessan waa'ee mul'ta isa eegduun Indii tokko billaacha xinnoosana gara lixa biiftuutti gulufsiisaa turee ni beektu. Wanti ta'e tokko garawaareetti, akkan ba'uuf na harkisee, "Harka kee isa irratti ol fudhadhuutiikadhadhu" naan jedhe. Waaqayyo Inni Bantii Waaqaa irra jiraatu kun dhugaa ta'uuisaa in beeka.

Harka koo katticha irrattiol kaaseen, gara Bantii Waaqaa ilaalaa kadhachuu jalqabe. Sagalee fiixeekattawaan sanaa irraa dhufaa jiru, kan, "Inni karaa onnee keetii gadi si qabeejiru maali?" jedhu nan dhaga'e.Deebiseen akkasitti irree koo qullaa ol qabe;baay'een waan natti bulluqeef, mudhii koo olitti qullaan ture. Of duubanilaale. Achumaanis barreeffama, "Joobira Adii" jedhu kan dhagaa irrattibarreeffamen arge; dhugaadhumatti akkataa mul'ataan Ergaan Inni itti aanuakkasitti kennama jedhamettin arge.

Baay'ee gammadeen gara manaatti fiige; guyyaa itti aanuttikaameraa fudhee dhaqeen footoo barreeffama sanaa kaafadhe. Amma iyyuu, "JoobiraAdii" jedhee barreeffamee dhagicha irra jira. (Joobira Gugeedhaan geggeeffamaajirtu.)

73 Hamma tokko, ani nan beeka. Wanti sun utuu hin ta'in duranisinitti hima. Dokteerichi, doktoora gaarii dha, homaa shakkiin hin qabu; Inninama gaarii dha jedheen yaada, garuu akkan irraa fayyuuf jiru nan beeka. Innista'eera! Inni raawwatameera, anis fayyaa argadheera!

Anis akkuma Erni'een yeroo muraasa dura, Koola Gugee Tokkoo Irratti, jedhee faarfachaa tureettin yaadaature. Yaa'aan sagalee farfannichaa attamii? Erni'ee, mee naaf jalqabi.

…Koola…gugee akka cabbii addaatuu, (anaawajjin faarfadhaa)

Waaqayyo Jaalala mi'ooftuu fi qululluuIsaa gadi ergeera,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Erni'een lakkoofsawwan isaa lamaan akka faarfate nan hubadha.Lakkoofsa sadan hafan akka faarfattanin barbaada.

Nohi in bololi'e

Bishaan irra guyyaa baay'ee,

Inni lafa qorachuu yaale,

Karaa baay'eedhaan;

Inni rakkoo muraasa argeera,

Garuu olii miti,

Waaqayyo Milikkita Isaa isaaf kenneera

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Yesus, Fayyisaan lubbuu keenyaa

Guyyaa tokko gara biyya lafaa dhufe;

Inni gaadaa horii keessatti dhalate,

Siree hoffaa horiin irraa nyaattukeessatti;

Asitti tuufatamu iyyuu,

Olii tuffatame miti,

Waaqayyo Milikkita Isaa isaaf kenneera

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Oo, milikkiti olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Yoon dhiphadhe iyyuu

Karaa baay'eetiin,

Fiyyinaaf nan boo'e

Ganamaa fi galgala;

Garuu amantiin ana hin irraanfanne

Abbaa koo Isa oliitiin,

Inni milikkita Isaa naaf kenne

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Oo, milikkiti olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

74 Yaa Waaqayyo jaallatama, wantoota kanaaf sin galateeffadha, yaaAbbaa. Ati Nohiif milikkita laatte, Ati biyya lafaaf milikkita laatte, Atianaafis milikkita laatte. Guyyaa itti aanuttis, joobirri sun utuu balali'uuarginaan, Oo, yaa Waaqayyo, Ergaa gadi dhufaa jirutu jira, kanaafis yaaWaaqayyo, gugeen sun karaa akka agarsiiftu sin kadhadha. Nuuf dhaga'i, yaaGooftaa. Inni gara amantiin raawwadhee kanaan dura hin qabneetti na geggeesse.Ani nan beeka, yaa Waaqayyo, gaarummaan ta'uuf akka deemaa jiru nan beeka;kanaafis yaa Abbaa, isa kanaaf sin galateeffadha.

Akkasuma, galgala kanas, yaa Gooftaa, Ergaa Kee ammas koola gugeeSagalichaatiin nuuf ergi. Jaallatamaa Abbaa keenyaa, Isa Waaqa irra jiraattuu,kana nuuf dhaga'i. Galgala kana nama waltajjii kana irra darbu hunduumaaf,warra guutummaa biyyaa keessatti walitti qabamanii jiran hundumaafis, yaaGooftaa, adaraa jabinni Gugee amantii Kee laphee isaanii irratti bu'ee dhukkunaisaaniitiif kan ta'u amantii isaaniif haa kennu. Waaqayyo nama akka hinulfeessine yaadadhaa. Inni Ergaa Nohitti erguu danda'eera, Inni Ergaa garaYohannis Cuuphaatti erguu danda'eera, Inni Isa gara kootti erguu danda'eera,Inni gara warra kaaniitti Isa erguu in danda'a.

Yaa Gooftaa, Gugeen sun gara onnee nama hundumaatti ammabalali'ee, uuruu wargee Isaatii sanaan, “Madaa'uu Isaatiin madaan keessanfayye” jedhee isaanitti haa hasaasu. Yaa Waaqayyo, irra daddarbaan keenya akkanutti hin lakkaa'amne, yakki keenya akka nuuf dhiifamu, dhukkubni keenya akkanuuf nuuf fayyifamuufan Si kadhadha. Inni harka kee keessa jira, yaa Abbaa.Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

Akkuma mataa keenyagadi qabannee jirrutti daqiiqaa tokkoof haa turru.

75 Nama meeqatu kana jechuu barbaada, nama meeqatu danda'ee,"Obboleessa koo Branhaam, ani guutummaa jireenya kootiitti sirrii hin turre.Ani Waaqayyoon tajaajiluun barbaadaa ture, galgala kana garuu dabarsee ofkennuuf qophaa'aa dha. Gugeen sun gara onnee kootiitti akka balali'uuf naafkadhadhu. Utuu Inni baallee Isaa natti hafarsaa na keessa seenuu natti indhaga'amaa" jechuu barbaadu nama meeqa? Harka keessan ol qabaa, in barbaadduu?Warri as jirtan, yaa anaa, nama mana guutuu hundumatu kaase.

Iddoo kanaa alatti guutummaa biyyaa keessatti warri nudhaggeeffachaa jirtan, garaa obboleessa keenya Haanti fi obboleessa keenyaKolemaan, warri obboleessa keenya Li'oo fi warri kaan, gajjallaa Tuuksan warrijirtan, gubbaa Branhaam Tabernaakilii warri jirtan, warri gara galoo galaanadhihaa jirtan, bakka hundumaa harka keessan ol kaasaa: "Galgala kana gara onneekoo keessaatti akka balali'uuf Gugicha nan barbaada. Jaalala Waaqayyoo isami'aawaa, Hafuura Qulqulluu, koola gugee adii akka cabbie naaf fidi. YaaGooftaa, galgala kana Isa naaf kenni. Amantiin isan barbaadu sana onnee kookeessatti naaf cobsi."

Yaa Waaqayyo, cubbuu keenya akka nuuf dhiiftuuf Maqaa YesusKristosiin Sin kadhadha. Gugee inni madeeffame sun Ergaa sana deebisee fide,Oo, yaa Goftaa, "Raawwateera!" Nuyi isa kana in amanna. Amantii ittiin Isaamannu akka nuuf laattuuf Si kadhanna. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinniolii ergameera,

Koola gugee irratti.

76 Gugeen sun eessaa dhufe? Ani hin beeku. Inni akkasitti achi lafaonaa sana keessaa jiraatti argamee hin beeku. Lakki, lakki! Inni achi jiraachaahin turre. Inni maaliif adii ta'e? Abbaan koo Inni Waaqa irra jiraatu in beeka,inni akka shamizii kootii kana addaata ture. Inni achi qubatee ture.

Garuu inni koola gugee akka cabbiiaddaatu irra ture,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Oo, milikkiti olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Oo, milikkiti olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Oo, gadi of deebisuun dhugaa isinitti hin dhaga'amuu? Mee harkawalii walii keenyaa qabannee haa faarfannu.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Mee harka keenya gara Isaatti ol qabnee haa faarfannu.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Nohiin bololi'e

Bishaanirra guyyaa baay'ee,

Innilafa qorachuu yaale,

Karaabaay'eedhaan;

Innirakkoo muraasa argeera,

Garuuolii miti,

WaaqayyoMilikkita Isaa isaaf kenneera

Koola gugee irratti.

Yesus, Fayyisaan lubbuu keenyaa

Guyyaa tokko gara biyya lafaa dhufe;

Inni gaadaa horii keessatti dhalate,

Siree hoffaa horiin irraa nyaattukeessatti;

Asitti tuufatamu iyyuu,

Olii tuffatame miti,

Waaqayyo Milikkita Isaa isaaf kenneera

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

77 Maaliif, ani jaarsi kun, jireenya koo guutuu kanan dhiphachaature, Inni amma maaliif na fayyise? Nan amana, ammas karaa sana irra deebi'eenan deema, dhaqee Ergaan fudun qaba! Galgala kana Abbaa kootiin akkasin jedha,(Ijjoollee saafela ta'een, gagala tokko utuu inni karaa foddaa ba'uun waa'eekoola gugee kanaa abjoodhan ture), yaa Gooftaa, garbichi Kee tajaajila dhugaba'umsaa irra jira. Ameen, ani qophaa'aa dha!

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Mee akka Inni isin gidduu deddeebi'aa jiru amanaa.

Koola gugee akka cabbii adii… (YaaGooftaa, nuyi Si eeggachaa jirra)

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fi qulqulluuIsaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

78 Warri kaardii kadhataa argattan, toora kana irra warri jirtan, gara kanatti ol siqaa; ka'aa dhaabadhaa,toora kana irraan gara fuul duraatti ol siqaa, karaa kanaan ol siqaa.

Koola gugee akka cabbii adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Warri toora kana irraakaardii kadhataa qabdan, karaa bitaa keessaanii ol kottaa.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Warri… [Iddoo duwwaatu kaaseta teeppii irra jira.]

Oo, koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa naaf erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

79 Gugeen sun eessaa gara lafa onaa sanaa dhufte? Akkas jechuundanda'a: Hoolaan milikkitaaf Abrahaamiin akka barbaachisu Waaqayyo in hubate,InniYaahwee yir'ee, "Gooftichi hoolaa aarsaaf dhi'aatu Ofii Isaatii inqopheessa" jechuu dha. Itti yaadaa! Waaqayyo Innumti sun, kaka'umsuma sanaan,namootuma sanaaf, gugee ergeera. Inni har'as Waaqayyodha, Yaahwee jir'een, waanOfii Isaa barbaade qopheessuu danda'a.

Isin hin barbaaddanii, Waaqayyo akka koola gugee sanaa irraan waanisiniif barbaachisu isiniif dhi'eessu hin feetanii? Gugichi, Hafuura HafuuraQulqulluu ti, Inni amantii dhukkuba keessan irraa isin fayyisu laphee keessankeessa isiniif kaa'a.

80 Hubadhaa, isaan hunduu miila isaaniitiin akka dhaabatan nanbarbaada. Amma kadhannaa irra jirra. Obboleessi keenya Biraawun iddoo isaajira. Obboleessi keenya Jaak…Maal jettee? [Nmni ta'e tokko Obboleessa keenyaBranhaamitti dubbate.] Tole, gaarii dha. Kutati as jirtan kun, dursitanii gara kana dhuftu, toora keessan qabadhaakottaa. Kutatni asiin jirtan immooduuba isaaniitiin hiriiraa. Isaan kun immoobukkeedhaan hiriiraa. Isin immoo duuba isaaniitiin hiriiraa,naannofnee isiniif kadhachuuf akka ta'utti.

Egaa amma, dhugaadha, inni kun waan dafee dhumu miti, egaa yerooxiqqoo fudhannee tokkoon tokkoon isaaniitiif hamma dandeenyetti kadhachuufiiqabna.

Amma egaa, toora kadhataa kanaaf jedheen ergaa koo gabaabseeaddaan kutuu danda'e, (waan dubbatame hundumaa immoo qabattaniittu jedheenabdadha.) Toorri kadhataa kun yaadannoo kabaja Obboleessi keenya Jaak Mooree fiObboleessa keenya Yaangi Braawun haati manoota keessan akka dhuftaniif isiniifeyyemnaan gara koo dhuftanii, achumaanis Kaalifoorniyaa, guutummaa Ariizoonaakeessa dabarree (walii wajjiin gammoojjii sana keessa kunnee) dhukkubsattootaafkadhachaa turreef haa ta'u.

81 Maaltu ata'e beektuu? Namoonni yeroo sana du'uuf ka'an, har'aimmoo jiraachaa jiran jiru, sababa dadhabbii guyyaa sanaatiif isaan har'ajiraachaa jiru. Inni waldoota biyyicha keessa turan irratti fayyina Hoodaadhangalaase, waldoota Presbaayiteeriyaanii fi kanneen biros dabalatee fayyinaHoodaatu achitti ta'e. Isaan… Inni afaanisaan qabachiise, Waaqayyo nama tokko dibee Goliyaadiin morma irraa mursiisuunisaa, warri hafan hunduu jajjabina argatanii deemsa akka itti fufaniif jedheeti. Inni ammas gochuu danda'a, Inni amma iyyuu jaalala Isaa Koola Gugee irrattiin erga waan ta'eef.

Kristaanotaa, akka dhaggeeffattanin barbaada. Utuun as durakeessan dhaabadhee, dinqii hojii Waaqayyoo warruma waggoota sadan darban duwwaaisinitti himuu jalqabee, hanga Sambata dhuftu galgala sa'aatii kanaattiisinitti himee hin fixu. Waa'ee isaa waan baay'ee hin dubbanne, sababiin isaa,harki caalmaan isaa waan hin danda'amne wayii waan fakkaatuufi, garuu wantinisinitti dubbadhu dhugaa dha. Inni dhibbaa dhibbatti dhugaa dha.Geggeessaa Yaahwee Isa Guddaa HubdumaaDanda'u, Isa Kakuu Moofaa keessatti raajotaa wajjin ture, Isa akkuma sanaraajota Kakuu Haaraa wajjin ture jala jirra, Inni Ulfina Maqaa Isaatiif jedheeMisirroo Isaa Saba warra Yihudoota hin ta'in keessaa waamaa jira. Isa amanaa!Saba nana, hin amantanii? Durumaanuu Isa amantaniittu yoo ta'e iyyuu, ammumakana iyyuu Isa amnaa! Inni Isa…Isa kana akka gootan nan barbaada. Har'a balbalakana waan ta'uuf jiru iyyuu hin beeknu. Waan ta'uuf jiru nuyi hin beeknu. Nuyidammaqnee Isa eeggachaa jirra.

82 Adaraa, Maqaa Gooftaa Yesusin, akka garbicha Isaa tokkoottiisininan kadhadha. Isin yummuu wal ga'ii keesa turtanitti iddoo wanti hunduuwaliin laaqame keessa akka turtan nan beeka. Garuu garbicha Isaa akkan ta'e yooamantan, shakkiin xiqqoon ishee illee yoo isin keessa jiraate (cubbuun, "Shakkii dha, amanuu diduudha"), shakkiin wayii laphee keessan keessa yoo jiraate, laphee keessan keessaaakka baasuuf Abbaa keessan kadhadhaa. Hubattanii? "Yaa Gooftaa…" Yeroo amantiidhugaa qabaattanitti… Egaa, yoo Inni dursee dhufee Isin rukute malee, harki koowaan tokko iyyuu isiniif gochuu hin danda'u; inni yummuu dhufutti ba'aa keessanisinirraa kaasee, isini fayyisa. Kun sirrii dha, utuu fayyitanii arguuf jirtu.Hubadhaa, isa kana argitanii amanuuf jirtu.

83 Egaa ama, tokkoon tokkoon keessaniif kadhachuufan deemaa jira.Egaa amma… yeroo kana gootanitti, harka keessanis akkasuma walii walii keessanirra keessu, kanaafis nuyi…Nama harka isaa irra keessaniif in kadhattu, sanabooda ani immoo toora keessaa gara koo akka dhuftan nan godha. Nama isiniiwajjin toora keessa jiru irra harka keessan kaa'aa.

84 Yaa Waaqayyo jaallatama, yaa Gooftaa, karaa biraa ittiin wantootakana dubbachuun danda'amu hin beeku. Dhugaadhumatti wantin dubbachaa jirudhugaa akka ta'en nan beeka, galgala kana wantin dubbachaa jiru dhugaa ta'uuisaatiif immoo ati raga kooti. Yaa Gooftaa, amantiin koo, fuulduratti akkanfayyu dha; yoom akka ta'e ani hin beeku, attamitti akka ta'e ani hin beeku, isahubachuu hin danda'u; garuu yaa Gooftaa, milikkita olii naaf dhufe amaneefudheera. Gugee torbaffaan sun xumara irratti as qubateera, iinchii torbaffaanyeroo dhi'ootti bineensicha irratti in xumurama. Inni raawwateera!

Yaa Waaqayyo, saba kee tajaajiluun barbaada. Kanaafis, yaaWaaqayyo, namni nuyi harka keenya irra keenyu hunduu haa fayyaniif akka nudibdu Sin kadhadha; sababa nu ta'eef utuuhin ta'in, sababa abboommiin Kee isaduukaa bu'aa jiruufi. Ati, “Milikkitoonnikun warra amanan duukaa in bu'u” jetteetta. Yaa Gooftaa akkan amanuuf nagargaari, onneen isaaniin iddoo amantiin itti biqilee guddata akka ta'uf isaangargaari. Adaraa, hundumtuu, namni dhukkubsataa fi namni rakkoo garaa garaaqabu kana mana kana keessa jiru (Yookiin mana biyyicha keessa jiru hundumaakeessa kan jiru) namni amma abboommiwwan kanaaf ajajamaa jiru kamuu, ulfinaWaaqayyoof jecha, fayyummaa haa argatu. Maqaa Gooftaa Yesus Kristosi Sinkadhadhaa. Ameen.

85 Amantii qabaadhaa; hundumti keessan nuu wajjin kadhadhaa. Kuntoora yaada garaa namaa beekuu miti.

[Iddoo duwwaatu kaaseta teeppii irra jira.] Abdii kutannaa, soda,kun maal…nan beeka. [Obboleettiin tokko Obboleessa keenya Branhaamittidubbachaa jirti.] Waan xiqqoo wayii ti, jireenya ishee keessatti nagaa argatteeakka hin beeknae natti himte. Isan ittiin…wajjin tokkuma. Ani rafuu hindanda'u, na yaaddesa, na dhiphisa.

Yaa Waaqayyo jaallatama, yaa Gooftaa, wanti ani dubbadhe dhugaata'uu isaa dhugaa naaf ba'i. Dubartii miskiina kanaaf attam natti dhaga'ama!Yaa Waaqayyo, uffata amantii galgala kana isheedhaaf akka egitu Sin kadhadha,Ati Sagalee Kee hundumaa akka Ulfeessituu fi Sagalee Kee hundumaa akka eegdu inbeekna'oo. Yaa Waaqayyo Isa bantiwwan waaqaa keessa jiraattuu, adaraa, sodaaobboleettii koo kana irraa kaasi. Ani harka koo ishee irra kaa'ee isaifachuudhaan Siif abboomamaan jira. Maqaa Yesus Kristosiin, ishee keessaa haaba'u. Ameen.

Amma egaa, ilaali obboleettii, amma na amani, yoo amanuu dandeesse,ammuma fayyuu jalqabda fannoo Isaatiin. Galgala kana irraa jalqadee, isa hinqabu jedhii ittiin mormi. Hubadhu, “Kana booda inni na keessa hin jiraatu”jedhaa dhaqi, innuu si dhiisee in sokkaa.

86 Obboleettii koo Paalmer. [Obboleettiin keenya Paalmer Obboleessakeenya Branhaamitti dubbachaa jirti.] Eeyyee. Obboleettiin koo Paalmer,obboleettii keenya; abbaan manaashee hiriyaa koo kanan baay'isee jaal'adhu dha,inni nama Joorji'aa yookiin Alaabaamaadhaa tajaajilu dha, Joorji'aadhaatajaajila. Isheen guyyaa tokko gara waldaa keenyaa dhufaa utuu jirtuu…Yeroonwaldaa keenyatti lallabaa turetti tajaajila yeroo tokkoo duwwaa dhaga'uufjedhanii maayilii kuma tokkoo fi dhibba shan konkolaataa oofanii dhufan. Obboleessi keenya Paalmer, yookiin ilmi isaa, marfatairratti konkolaataan waan ajajamuufii dideef balaan konkolaa isaan mudateeture. Isheen rakkoo balaa sana irraan dhufe qabdi.

Mee haa kadhannu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, haadha manaa garbicha Kee isa amanamaa fiisa dhugaatti Kristosiin tajaajiluu, ishee miskiina kana fayyisi, yaa Waaqayyo,akkuma kunoo ani fi Obboleessi keenya Jaak Mooree harka keenya ishee irrakeenyee jirrutti, akka ishee fayyiftuu fi akka ishee jajjabeessituuf Sinkadhadha. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Waaqayyo si haaeebbisu!...?...

87 Isaaf jettee miilla mirgaatiin dhaabachaa jirtaa? Mucaan dhiiraaisaa ol jedhee deemuu hin danda'u, garaachi isaa fi dugdi isaa miidhamaa dha.

Mee haa kadhannu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, amma battala kana Gugeen akka cabbieaddaatu sun onnee isaa keessa haa qubatu, “Balleessaa keenyaaf in waraaname,sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inniin adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame.” Inni kun obboleessakeeyaa fi ilma isaa xinnaa sanaaf akka ta'u, Maqaa Yesus Kristoosiin Sinkadhadhaa. Ameen.

88 Mataa dhukkubbii hamaa fi dhukkubbii miillaa yeroo inni deemu isarakkisu.

Yaa Waaqayyo jaallatama, akkuma nuyi garboonni Kee harka keenyaisa irra keenyee jirrutti, namicha dargaggeessa kana irratti eebba fayyinakeetii roobsi. Maqaa Yesus Kristosin. Ameen.

Isheen rakkoo saalaan wal qabate kan qabduu fi akkasumas isheenCuuphaa Hafuura Qulqulluu kan barbaaddu dha.

Yaa Waaqayyo jaallatama,kadhata amantii kana akkuman Sitti dhi'eessaa jiru kanatti, rakkoon saalaadubartii kana irra jiru ishee irraa haa deemu, Cuuphaan Hafuura Qulqulluu koolaGugee irraan isheedhaaf haa dhufu, Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

Obboleettii koo,Waaqayyo si haa eebbisu.

Ija isaa irratti waa kan biqilee fi hiriyaa jaalalaa isaafkadhannaa barbaadee ti.

Yaa Waaqayyo jaallatama, Ati yaada garaa namootaa in beekta. YaaAbbaa, Kadhata obboleessi keenya kun Maqaa Yesusiin Sitti dhi'eeffate akkaisaaf dhageessu Sin kadhadha; nuyi abboommii kee eegnee harka keenya isa irrakeenyeerra. Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

Obboleessa koo,Waaqayyo si haa eebbisu.

Cinaacha ishee karaa bitaa waa kan isheetti biqile yoo ta'u, kanamalees sagaleen ishee rakkina qaba.

Yaa Yesus jaallatama, obboleettii keenya kana akka fayyiftuuf Sinkdahadha; Maqaa Yesus Kristoosiin fayyinni akka isheedhaaf ta'uuf harka kooishee irra kaa'eera. Ameen.

Obboleettii koo,Waaqayyo si haa eebbisu.

Eeyyee, obboleettii, rakkoo kee argeera, innis luqqeettuun keedhiita'eera. [Obboleettittiin obboleessa keenya Branhaamitti haasa'aa jirti.]Kalee fi hafuuffee fincaanii kan si dhukkubu yoo ta'u, lafeen mo'oo keetiisiddoo gadi dhiiseera.

Oo, yaa Abbaa, yaa Waaqayyo, akkuman harka koo ishee irra kaa'eejiru kanatti, obboleettii jaallatamtuu kana akka fayyiftuuf, yaa Gooftaa, MaqaaYesus Kristosiin Sin kadhadhaa. Ameen.

Waaqayyo si haa eebbisu obboleettii; karaan inni ittiin hojjetukaraa sana dha.

Dhageessaniittu, guddistuu sagaleedhaan hin dhageenyee? Eenyutu…Injiiner,sagalee xiqqoo yoo itti dabalte, hirmaattonni dhuga ba'umsa yookiin waan isaanyummuu dhufan dubbatan hirmaattonni sirriitti dhaga'uu danda'u. Yeroo waan sanadhageessanitti isaanii wajjin kadhadhaa; yeroon kadhachuu jalqabutti immoo anaawajjin kadhadhaa.

Yaa Waaqayyo jaallatama, obboleettii keenya kana akka fayyiftuuf,Sin kadhadha. Yaa Waaqayyo jaallatama, sababiin kana gochaa jirruuf abboommiiKee waan ta'eefi. Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

Si haa eebbisu,obboleettii.

89 Yaa Waaqayyo jaallatama, Ati dhuga ba'umsa kana dhageesseetta,waan diinni ishee irratti hojjete Ati dhageesseetta. Nuyi Maqaa Yesus ittiwaamnee diina kana injifachuuf yaalaa jirra; inni durumaanuu in jifatameera,sababiin isaa, Gugeen waraaname sun, Inni madaa'e sun Ergaa fidee oobdii ManaWaaqayyoo keessatti kufee, “Raawwateera!” jedheera waan ta'eef, isa kanaisheedhaaf raawwadhu, isheen isa kana haa amanatu, yaa Abbaa, Maqaa Yesusiin.Ameen.

Yaa Waaqayyo jaallatama, obboleettii keenya kana akka fayyiftuufSin kadhadha. Gugeen Waaqayyoo galgala kana dhufee fayyina akka isheedhaafgodhe, Innumti dhugaa isheedhaaf haa ba'u. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Yaa Waaqayyo jaallatama, obboleessa koo as dhaabatee jiru kanairra harka koo kaa'eera. Inni amantii guutuu waan qabuuf fageenya hanga kanadeemee dhufe, yaa Gooftaa, amma inni fayyee gara iddoo teessuma isaatti haadeebi'u. Maqaa Yesusiin. Ameen.

Yaa Waaqayyo jaallatama, harka koo isa irra kaa'ee, obboleessa kookanaaf Sin kadhadha. Yaa Waaqayyo jaallatama, amatiin Waaqayyoo sa'aatiikanatti keessa isaa akka seenuuf isa gargaari; akkuma Abrahaam wanta hin jirreakka waan jiruutti waami, Waaqayyo kakuu galeera waan ta'eef. Maqaa Yesusiin.Ameen.

Waaqayyo si haaeebbisu.

90 Yaa Waaqayyo jaallatama, Namni murtee dhugaa murteessu Si duwwaadha. yaa Waaqayyo jaallatama, shamarreen kun isa kana waan gaafatteef, akkaisheen isa fudhattuuf Maqaa Yesus Kristosiin Sin kadhadha. Ameen.

Yaa Waaqayyo jaallatama, waan ati godhi jetteef abboomamee harka kooobboleettii kana irra kaa'eera. Toora kadhataa akkasii jalqabuun keenyawaggoota dheeraa lakkoofsiseera, yaa Gooftaa; garuu waan baroota sana keessata'aa tureen beekna, namoonni amantii bara sanaa qabaannaan, Ati har'asWaaqayyo Isuma gaafa sanaa akka taate in beekna. Obboleettiin keenya akkafayyituuf Maqaa Yesus Kristosiin Sin kadhadhaa. Ameen.

Yaa Waaqayyo jaallatama, obboleessa koo kana irra harka kookaa'ee, fayyinni akka isaaf ta'uuf

Maqaa Yesus Kristosiin Sin kadhadhaa. Ameen.

Yaa Abbaa, obboleettii kana galgala kana fuula durattin dhi'eessa,as dhaabadhee harka koo kanan ishee irra kaa'es, dhuga ba'iinsa jabainaaKeetii, dhuga ba'iinsa mul'ata Keetii, dhuga ba'iinsaa Sagalee Keetiifi, AtiWaaqayyo ta'uu keef ani raga dha. kanaafis Sagalee Waaqayyo kootiif abboomameeharka koo ishee irra kaa'ee, akka isheen fayyituuf Sin kadhadha. Ameen.

91 Yaa Waaqayyo jaallatama, akkuma baratame, dhuga baatuu jabinaKeetii ta'een obboleessa koo kana akka fayyiftuuf harka koo isa irra kaa'ee,Maqaa Yesus Kristosiin Si kadhadha. Ameen.

[Iddoo duwwaatu kaaseta teeppii irra jira.] "Maal?"

Isheen, "Isa nama fayyisu" jette. "Namichi tokko gara Arkansaaskanaa guyyaa tokko ganama fayye, namichi jaamaan kophee suphu sun gaafas fayye"jette. Seenaa kana dhageessaniittu. Sagantaa raadiyootiin tamsa'aa ture.

Ani immoo…jedhe. Taatoo nama Waaqayyo malee jiratuu ta'een taphadhejedheen yaada. "Inni dhugaa akka ta'e hin aantuu?" jedheen gaafdhe.

Isheen immoo, "Eeyyee, gaashe, nan amana" jette.

Ani immoo, "Waaqayyo bara kana keessa waanuma akkasii yummuu godhuin amantaa, yeroo…" jedheen ishee gaafadhe.

Isheenis, "Gaashe, sagantaa dhaabbata amantii dhaggeeffadheera"jette. Isheen, "Ani Kristaana, Saganticha irraan dhaggeeffadhe, namichi gubbaakanaa, inni jaamaan kophee suphu sun fayyuu isaa ganama kanan dhaga'e. Inniwaldaa tokkoo gara isa kaaniitti iyyee sagalee guddaa waan dhageessisuuf,waldaa keessaa gadi isa ar'an. Inni koffiyyaa isaa ulee irra kaa'eenaanneessaa, naannoo waldaa asii fi achi fiigee, magaalaa hundumaa keessafiigee, 'Ani nan fayye! Ani nan fayye!' jechaa yeroo namichi jamaan kopheesuphu sun iyyun dhaga'e" jette.

Ani immoo, "Fayyuu isaa in amantaa?" jedheen ishee gaafadhe.

Isheen xiqqoo akka achi dhaabachuu taatee, bokkaan akka tiifuu ta'aajira ture, isheen, "Gaashe, iddoo inni amma jirutti yoo na baafte, ani Abbaakoo nan barbaaddadha" naan jette. Sana booda waan akkasiitu natti dhaga'ame.

Ani immoo, "Tarii ani nama ati barbaadaa jirtu dhan" jedheen.

Ishee shaashara kootii qabattee, "Fayyisaan sun si'ii?" naanjette.

Ani immoo, "Lakki, obboleettii, garuu ani Obboleessa Branhaamin"jedheen.

Isheen, "Araara natti agarsiisi!" jette.

Fanii Krosbaayijaartii miskiina ija jaamaa sana nan yaadadhe, "Yeroo warra kaan waamtutti, Atina bira hin darbin." Hubadhaa, Inni namakana biraa erga fayyisee, ishees fayyisuu in danda'a.

Anis harka koo ija isheerra kaa'een, "Yaa Yesus jaallatama, guyyaatokko fannoon bososaan tokko saggoo dhiigaan laaqame irratti baatamee raafamaakaraa irra gadi deemsifama ture, dhagni butataan tokko immoo ba'icha jalattikufee ture. Namni Simoon jedhamu, namni biyya Qareenaa tokko immoo deemaadhufee ba'aa fannoo sanaa Isa fure. Yaa Abbaa, isa kana akka yaadattu nanamana. Ijoollota isaa keessaa tokko kunoo dukkana kana keessa gatantaraa jirti,isa kana akka Ati hubattu nana amana" jedheen kadhadhe.

Isheenis, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Arguun danda'e!" jette.Uhuhhuu.

Ani immoo, "Arguu in dandeessaa?" jedheen ishee gaafadhe.

Isheen immoo, "Eeyyee, obboo" naan jette.

Ani immoo, "Ibsaa sana lakkaa'in" jedheen. Isheenis in lakkoofte.Anis itti fufee, "Suufi bifa maaliin uffadhee jira" jedheen ishee gaafadhe.

Isheen immoo, "Suufii adii karabaataa bifa keelloo wajjin uffatteejirta" naan jette. Inns immoo akkasuma ture. Isheen arguu dandeesse.

Oo, Waaqayyo gadi of deebisuu namaa in ulfeessa. Uhuhhuu.

Kun mataan isaa injifannoo guddaa JaalalaHoodaa kan hojjetuu fi kan akka raawwatu godha dha.

Yaa Waaqayyo jaallatama, obboleettii koo kana irrati araara keebuusii MAqaa Yesus Kristosiin ishee fayyisi. Ameen.

92 Yaa Waaqayyo jaallatama, akkuman harka dadhabaa fi shushuntuuraakana ol kaasetti, waan harka kana keessa darbu Si duwwaatu beeka. Yaa WaaqayyoGooftaa, karki koo galgala kanaa akkuma harka Simoon isa bututaa sanaati, "YaaGooftaa, fayyina Kee argaa waanan jiruuf, garbittiin Kee kun nagaadhaan asiibaatee akka deemtu" Sin kadhadha. Fayyinni Kee ishee irra buufatee akka isheefayyisuuf Maqaa Yesusiin Sin kadhadhaa. Ameen.

93 [Iddoo duwwaatu kaaseta teeppii irra jira.] Himannaa seeraa Irratti, maaliif, obbo Hin-amanneen YesusKristosiin yakke. Himannaa seeraa sanain yaadattuu? Isaan abbaa seeraa fi waan hundumaa, eenyu eenyuuf akka dhaabatuhundumaa qabu turan. Himata abbaan seeraa, seexanni, himate akkamitti akka innihimannaa dhi'eeffate ilaalla; akkamitti adeemsi murtii sun akka adeemsifame.

Inni tokko as ba'ee, obbo Hin-amanneen as ba'ee, "Yeroo lallabaantokko, 'Dhukkubsataa dibata dibi, kana Macaafa Qulqulluutu dubbata' jedhundhaga'e. An dibataan dibamee, garuu hin fayyine. Inni kan biraan immoo, 'Harkakeessa dhukkubsataa irra kaa'aa, isaan in fayyuu' jedha" jedhe. Inni hima manamurtiitti dhi'eeffachaa jira.

Garuu yummuu ragaa baatuun dhuftetti, kunoo akkas ta'e, "Waaqayyoakkas isaaniin jedhe, 'Isin…'" Inni, "Erga inni harka isaa narra kaa'ee ji'aja'a ta'eera, Sagaleen Kee immoo, 'Harka keessan dhukkubsattoota irran inkeessu, isaanis in fayyu' jedha. Gerboota warra dibaman keessaa inni tokkoharka isaa narra kaa'ee ture, ani immoo amma iyyuu hin fayyine. Kanaafuu, Atisoba dhugaa fakkeessitee dubbatta, sababiin isaa, Sagaleen Kee Isa jedhame hinraawwatu" jedhe.

94 Kanaafis yeroo dhuga baatuu dhufetti, dhugaan jiru kana ture, "SagaleenIsaa dhugaa dha. Inni yeroo kana godhu raawwatee akkas hin jenne, Inni, 'Warraamanan biratti milikkitoonni kun in mul'atu; yoo isaan dhukkubsatoota irraharka kaa'an, isaan in fayyu' jedhe. Hubattanii? Hubadhaa, Wanti Inni jedhe isakana, 'Isaan in fayyu' jedhe. Kanaafuu, yoo dinqii ajaa'ibaa battalumatti akkasitti ta'u ta'e yookiin yooWaaqayyoof abboomamuu ta'es, dhimma nama dhuunfaa sanaa ti. Hubattanii? Garuuyoo namni dhuunfaan sun Isa amane, yeroo hagamii akka fudhatuttii an dhimma hinqabu. Inni Abrahaamiin, "Ati Saaraa irraa mucaa godhachuuf jirta' jedhe.Mucichi garuu waggoota digdamii shaniif raawwatee hin dhalanne. Inni Nohiin,'Bokkaan roobuuf jedha' jedhe. Nohi bishaan badiisaa sanaaf markaba ijaare,inni bishaan badiisaa sun utuu hin dhufin waggoota baay'ee, baay'ee, baay'eedura ijaare, garuu bokkaan roobuuf akka jiru inni in beeka ture. MacaafniQulqulluun, 'Kadhanni amantiidhaan godhamu, isa dhukkubsataa in fayyisa;Gooftaan isa in kaasa' jedha. Yoom? Inni yeroo isaa hin dubbanne. Waaqayyoqajeelaa dha, Inni dhugaa dha, qajeelaatti waan Sagaleen Isaa jedhu dubbisi"isaan jedhe.

Wantin galgala kana hojjedhes isa kana, ani dhukkubsatoota irrahaka koo kaa'eera. Egaa, hundumti isaanii akka fayyan nan amana. Nan amana,hundumti isaanii fayyuuf jiru. Isinis akkasitti in amantuu? Egaa namoota rakkimiidhaan irra ga'e kanaaf amanaa.

95 Mucaa durbaa miskiina tokkotu as jira, waanan ishee beeku nattifakkaata, galgala dheengaddaa toora kadhataa keessatti isheedhaaf kadhadheenture. Maqaan ishee eenyuu? Chaambilees. Mucaan durbaa miskiinni kun utuujireenya noormaalii jiraatti ta'ee, utuu miidhaan ishee irra hin geenye ta'ee,isheen dhugaadumatti dubartii bareedduu taati turte. isheen kuunnoo achiteessee harka raasaa jirti. Jaalalaa fi hafuura nagaatu shamarree sana keessajira. Isheen achi teessaa akkasittisosochoot ti. Oo, inni kun attama onnee koo cabse seetan. Attamin…hawweefseetan. Egaa attamin ta'aaf!

Kunoo as daa'ima xinnoo tokko, aayyoon tokko baattee jirti.Arrabni isaa xinnoon sun gadi ba'ee rarra'ee jira, qaamni isaa xinnoon kunmiidhameera. Utuu Jooseef koo isa xinnaa ta'ee hoo? Utuu ilma ilma kootooPoowul ta'ee hoo? Utuu Ribqaa koo yookiin Saaraa koo warra duuba sana taa'aajiran ta'ee hoo? Utuu aadde Simpisan kun haadha manaa koo Meedaa taatee hoo?Utuu dargaggeessi as taa'ee jiru kun Biilii Poowul ta'ee hoo? Maanguddoon astaa'anii jiran kun utuu haadha koo ta'anii hoo? Yaadadhaa, inni daa'ima namata'e tokkoo ti, obboleettii nama ta'e tokkoo ti, intala nama ta'e tokkoo ti,ilma nama ta'e tokkoo tis. Hubattanii? Ani obboleessa isaanii ti, Inni immooFayyisaa keenya. Wantin gochuu danda'u… anantiin qabuun bakka isaanii bu'eeIsatti isaan dhi'eessuu duwwaa dha. Wantin beeku kanuma duwwaa dha.

96 Egaa, Gooftaan mul'ata natti agarsiisuu danda'a, rakkoon tokkoontokkoon isaanii maal akka ta'e, Inni natti himuu danda'a. Isa kana isiniifmirkaneessuun danda'a, hubadhaa, isa kana in beektu. Garuu kan isaan fayyisu isasana miti. Inni isaan hin fayisu. Lakki, wanti ta'e tokko isaan keessatticophuutu irra jiraata, hubadhaa. Anis nan abdadha…

Akkuma isan tokkoon tokkoon keessan asitti ol baasee Maqaa GooftaaYesus Kristositti isin cuuphuu danda'uu ti, inni cubbuu keessaan isin irraadhiquu hin danda'u. Lakki, lakki! Lakki, Maqaa Yesusiin Kristosiin cuuphaanbishaanii adeemsifamu gara lammata dhalachuutti jedhee ani hin amanu; lammatadhalachuun dhiigicha jedheen amana, hubadhaa, lakki bishaanicha miti. Garuuhubadhaa, ani cuphaa ooluun danda'a, isin garuu gara cubbuu gogaatti gadideemtu, gara isa jiidhaatti ol ba'aa; hubadhaa, hanga guutummaatti yaada garaakeessanii geeddarattanitti lammata hin dhalanne. Yaada garaa keessaniigeeddaradhaa, sana booda Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa. Hubattanii?

Garaagarummaan koo fi kan Sosochii warra Waaneesii (Oneness Movement) isa kana.Lammata dhalachuutti hin cuuphnu, lakki; akkan amanutti, kan dhiqee namaqulqulleessu dhiigicha malee bishaan miti. Hubattanii? Yaada garaa geeddarannaa, sana booda Maqaa Yesus Kristositticuuphamuu dha.

97 Amma gadi bu'ee kadhachuufan deema. Namoota kanas akkumakeessanittan mararafadha, tarii karaa toora firoomaatiin immoo caalchiseenmararfadha.

Mee amma hundumti keenua walitti sassaabamnee, harka keessaanamantiidhaan, harkoos amantiidhaan ol qabnee, harka Gooftaa Yesus namootamiskiina deemuu hin dandeenye kana irratti gadi fidnaa. Anaa wajjin kadhachuuin feetuu?

[Iddoo duwwaatu teeppii irra jira.] Namoonni ergee dafqaa warradhukkubsatanii fi warra miidhamaniif fiddan, akka sagantaan xumurameenfuudhuufii dandeessu. Egaa amma warra sanaafan kadhadhaa na gargaaraa, nagargaartuu?

Yaa Waaqayyo Gooftaa, waan galgala kana nuuf goote hundumaaf Sigalateeffanna. Durtee dhukkubsattoota gara toora kadhataa dhufan waanfayyifteef Si gaklateeffanna. Yaa Waaqayyo jaallatama, namoonni tokko tokkogara walitti qabama kanaa dhufuu waan dadhabaniif, jaallattoonni isaanii erbeedafqaa kana isaniif fidanii waan dhufaniif, erbee kana irratti Sin kadhadha.Macaafa Qulqulluu keessatti, namoonni erbee dafqaa fi marata Phaawulosfudhaanii warra dhukkubsatanii geessaa akka turan baranneerra. Egaa yeroosanatti, namoonni sun Argamuu keessa jiraachaa turan, isaan karaa irratti Siargaa turan, isaan walga'ii isaanii keessatti Si argaa turan, isaanHafuurichuma Phaawulos irratti argaa turan. Egaa isaan namicha utuu hin ta'in,Hafuurri Kee jireenya isaa dhuunfatee akka ture in beeku, nuyis immoo Phaawuloswaanuma Ati hojjechaa turte hojjechaa akka ture argineerra.

Ammas yaa Gooftaa, namoonni bara kanaa Waaqayyo Innumti sun WaldaaIsaa fi Saba Isaa keessa jiraachaa akka jiru arganiiru. Kanaafis erbee dafqaakana firoottan isaaniitiif fuudhanii galuuf jedhanii nutti fidaniiru. YaaWaaqayyo, tokkoon tokkoon isaanii karaa Ofii Keetiitiin akka fayyan isaangodhi. Nuyi karaa mutaa'e tokkoon wanti murtaa'e tokko haa ta'u jennee Si hinkadhannu; nuyi qajeelinatti, "Yaa Abbaa, karaa Ofii Keetiin isaan fayyisi"jennee sitti dhi'eeffanna. Ulfina Waaqayyootiif, ani kadhata mantii kana isairratti dhi'eesseeraa. Maqaa Yesus Kristosiin. Ameen.

98 Amntii keessan irratti hundaa'ee, yeroo feeloshiippii dinqisiisaa,mul'ina Yesus Kristos keessatti isinii wajjin qabaachaa tureera. Inni kunwalitti qabaman gonkumaa irraanfachuu hin dandeenye na keessa kaa'ee: jaalala,wal ta'uu fi feeloshiippii.

Egaa amma, hanga deebinee wal arginutti Waaqayyo Inni Waaqa iarrajiraatu isin haa geggeessu. Inni urjoota dukkana keessatti karaa akka ibsaniifisaan uume, Inni daandii keessan Urjii Betlihemiin isiniif haa ibsu,Urjichaanis gara guutummaa jireenya keessanii Sagalee Isaatiif kennuutti isinhaa geggeessuun, kadhata koo ti.

Hanga wal arginutti, hanga walarginutti,

Hanga wal arginuttu miilla Yesusjalatti;

Hanga wal arginutti, hanga walarginutti,

Ammas hanga wal arginutti Waaqayyoisin wajjin haa ta'u.

Amma mee kaanee haa dhaabannu. Amantiin koo ol garailaala!...?...Ani…tole, isa kana nan jijjiira. Inni kun gaariidha jedheenamana. (Dhiifama.)

Amantiin koo ol gara Kee ilaalaa,

Si'i Hoolichi Qaraaniyoo,

Fayyisaa Hoodaa!

Amma yeroon Si kadhadhu na dhaga'I,

Cubbuu koo hundaa narraa fuudhi,

Oo ani har'aa jalqabee

Guutummaatti kan Keen ta'aa!

99 Amma immoo utuu isaan faarfatanii, harka walii walii keessaniifuudhaa.

Yeroon jireenya dukkanaa keessaadaaddisu,

Gaddi na marsee,

Ati karaa natti agarsiisi;

Dukkanicha guyyaatti naaf jijjiiri,

Imimmaan gaddaa narraa haqi,

Akkan sirraa fagaadhu nah in godhin

Bukkee Keetii fagaadhee.

Amma nan fooyya'e, isin hin fooyyofnee?

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Inni kun egaa cufiinsa ergaa duula asitti godhamaa ooleet ti.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

100 Mataa keenya gadi haa qabannu. Akkuma gommaan konkolaataa gungummiinfaarfachaa deemu, nan mana inni…Gungummii gommaa fi aadnaa mooteraa indhageessu.

Koola gugee akka cabbii adiiirratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

[Obboleessi keenya Branhaam,irra deddeebicha gungummiin of keessatti faarfachuu eegale.]

…adii irratti,

Waaqayyo jaalala mi'ooftuu fiqulqulluu Isaa gadi erge,

Milikkinni olii ergameera,

Koola gugee irratti.

Akkuma mataa keessan gadi qabattanii jirtanitti, obboleessa keenuaNoo'elittan isin dabarsa.

MESSAGE hub online

www.messagehub.info

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7